

# WIIRTUU LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FEDERAALAA



Maanu'aalii Leenjii Leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraatiif Qophaa'e

Adeemsa Dhagaha Duraa, Dhagaha Guutuu

fi Oliyyannoo Hoogganuu

Wiirtuu Leenjii Qaamolee Haqaa Federaalaatiin Kan qophaa'e

Bara 2002

Kan Afaan Oromootti hiike:-

1. Dassaaleny Biraanuu
2. Gammachiis Dhugumaa

<b>Baafata</b>	<b>Fuuula</b>
<b>Seensa .....</b>	<b>1</b>
<b>Kutaa Tokko .....</b>	<b>3</b>
<b>Hoggansa dhimmootaa akka waliigalaatti .....</b>	<b>3</b>
1.1. Qajeeltowwan bu'uuraa Sirna adeemsaa fi Hoggansa dhimma Hariiroo Hawaasaa ....	4
1.2. Mala dhimma Hariiroo Hawaasaa jalaqabarraa eegalanii ilaaluu .....	6
1.3. Dhimmoota adda adda baasanii hogganuu .....	9
1.4. Tooftaa Kenniinsa beellamaa bu'a qabeessaa .....	20
<b>Kutaa Lama .....</b>	<b>24</b>
<b>Hoggansa dhagaha duraa .....</b>	<b>24</b>
2.1. Himannaad hagahuuf qophii dursa taasifamuu qabu .....	25
2.2. Tooftaa dhagaha himannaad .....	27
2.3. Tooftaa itti ijoon dubbii hundeffamu .....	31
<b>Kutaa Sadii .....</b>	<b>38</b>
<b>Hoggansa dhagaha Guutuu .....</b>	<b>38</b>
3.1. Mala dhagaha falmii Hariiroo Hawaasaa walitti qabamaa ta'e .....	38
3.2. Maloota beellamni falmii itti kennaman .....	52

3.3. Dhimma garee falmitootaa dhimma ofii qabatanii falmanii hoogganuu .....	52
3.4. Deemsa dhimmootni wal xaxoo ta'an itti dhagahaman .....	54
<b>Kutaa Afur .....</b>	<b>56</b>
<b>Dhimmoota oliyyannoo Hogganuu .....</b>	<b>56</b>
Miiltoowwan .....	58

## Seensa

Hojiin abbaa seeraa firii dubbii dhimma tokkoo seera waliin xiinxalee murteessuu qofa moo dhimmas hoogganuu ifti gaafatamummaa qaba kan jedhu gaaffii yeroo dhihoo keessa sagantaa fooyya'iinsa manneen murtii waliin wal qabatee keessattuu waggoottan kurnan darban ka'aa jiru dha. Dhimmoonni mana murtiitti baay'achaa dhufuun, manneen murtii gumaacha isaan sochii hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa keessatti taasisan cimaa dhufuun, manneen murtii sababoota adda addaatiin xiyyeffannoo uummataa argachaa dhufuun fi sababootni kana fakkaatan tajaajilli manneen murtii kennan ariifataa, bu'a qabeessa fi haqa qabeessa akka ta'uuf dirqisiiseera.

Hojiiwwan dhimmoota dhiyaatan murteessuu fi dhimmoota sirnaan hogganuu hojiiwwan hojii abbaa seerummaa waliin wal qabatanii fi ibsan ta'uun ifti amanamaa dhufeera. Dhimmi hariiroo hawaasaa tokko haala ariifataa fi bu'a qabeessa ta'een hin hogganamne taanaan carraan haqummaa dhabuu bu'aa dhuma irratti argamuu ni guddata. Biyyoota hedduutti bu'aan dhumaa qofti kan ilaalamu osoo hin taane mallii fi karaan ifti bu'aan sun argames akka qaama bu'aa kanaatti lakkaawamu. Kanaaf dhimmoonni sirnaan hogganamuu qabu. Abbootiin seeraas tooftaa hoggansa dhimmoottaa ariifataa, bu'a qabeessa fi haqa qabeessa ta'e adda baasanii hojjiirra oolchuu qabu.

Sirni hoggansa dhimmoottaa muraasni seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keenya keessatti akka haammamatamu kan taasifame ta'ullee sababa hojiin baratamaan hojjetamaa tureef hojjiirra hin oolle. Waggoottan muraasa darban keessa hojimaatni baratamaan dhiifamee gara seeraatti deebi'uudhaan erga ifti hojjetamee asitti bu'aan jajjabeessaan argameera.

Dhimmaamtoonni bulchiinsa haqaa keessatti hirmaatan hundumtuu seerota adeemsa kabajuu fi kabachiisuu qabu. Keessattuu abbootiin seeraa seerichaa kabajuu qofa osoo hin taane namoonni wal falman akka kabajan taasisuuf ifti gaafatamummaa qabu. Qaanmi walfalman gara ofiif fedhanitti kan haqaaqanii fi naannessan taanaan haqa ariitii barbaadamuun kenuun hin danda'amu.

Daangaawwan Seera Adeemsa Hariiroo Hawaasaa irra jiran akkuma eegametti ta'ee manneen murtii adeemsa dhimmoota to'achuu fi hordofuuf aangoo bal'aa uumamaa fi ifa ta'e qabu. Keessattuu dhimmoonni wal xaxoon yommuu mudatan manneen murtii dhimmoota kanaaf furmaata laachuuf akkuma haala dhimmichaatti mala biroo mala dhagaha idilee irraa adda ta'etti

gargaaramuu danda'u. Manneen murtii haala itti dhimmi dhagahamu irratti yemmuu karoorfatan dhimmicha kan ariifachiisu, baasii xiqqeessu, haqa kennuuf dandeessisu tilmaama keessa galchuu qabu. Abbootiin seeraa tooftaa dhimmoonni itti hogganaman yemmuu murteessan qabeenya mana murtii fi goса dhimmaa bu'uurreffachuu qabu. Yeroon abbootii seeraatiif qabeenya kam caalayyuu mi'aa waan ta'eef abbootiin seeraa bilchinaan, si'ayina fi bu'a qabeessummaan itti fayyadamuu qabu. Hanqinni yeroo ykn baay'inni dhimmaa abbootiin seeraa yeroo isaanii hoggansa dhimmootaa irra akka hin oolchine dirqisiisuu danda'a. Ta'us abbaan seeraa yeroo dhimmi dhiyaatu irraa eegalee haala hoggansa dhimmaa irratti xiyyeffannoo kennee yoo hojjete dhimmichi gara fuulduraatti haala salphaa ta'een dafee akka xumura argatu, hojii yeroo nama jalaa fudhatan irratti yeroo isaanii akka hin gubne fi falmiin akka gabaabbatu kan taasisu fi akka waliigalaatti yeroon (sa'a) abbaa seeraa akka qusatamu waan taasisuuf filatamaa dha.

### **Moojulicha ilaalchisee**

Moojuliin Leenjii kun hanga danda'ametti abbootiin seeraa ofin dubbifatanii akka itti fayyadmaniif haala dandeessisuun qophaa'eera.

## Kutaa Tokko

### Hoggansa dhimmootaa akka waliigalaatti

Kaayyowan Kutichaa

Leenjifamtoonni Kutaan kun akka xumurameen;

- ✓ Qajeeltowwan hoggansa dhimma hariroo hawaasaa ni ibsu.
- ✓ Hoggansi dhimma falmii hariroo hawaasaa falmii hariroo hawaasaa si'aawaa fi haqa qabeessa taasisuuf kan barbaachisu ta'uu isaa ni ibsu.
- ✓ Maalummaa mala jalqabarraa eegalanii dhimma ilaalu ni ibsu.
- ✓ Barbaachisummaa jalqabarraa eegalanii dhimma ilaalu fi to'achuu ni tarreessu.
- ✓ Gahumsa jalqabarraa eegalanii dhimma ilaaluuf nama dandeessisan adda baafatu.
- ✓ Yaadrimee dhimmoota adda adda baasanii hogganuu ni ibsu.
- ✓ Maloota dhimma adda adda baasanii hogganuu ni tarreessu.
- ✓ Tooftaalee adda addaa seera deemsa hariroo hawaasaa keessatti dhimmoonni ittiin keessummeeffaman ni tarreessu.
- ✓ Adeemsa falmii dhimma hariroo hawaasaa adda baafatu.
- ✓ Kenniinsa beellamaatiin wal qabatee mala kenniinsa beellamaa bu'a qabeessa ta'e adda baafatu.
- ✓ Haalawwan bu'a qabeesummaa hoggansa dhimmaatiif barbaachisan adda baafatu.

## **1.1. Qajeeltowwan Bu'uura Hoggansa Dhimma Hariiroo Hawaasa**

Falmiin dhimma hariiroo hawaasaa qajeeltowwan armaan gadiitiin hogganamu;

- ❖ Murtii haqa qabeessa ta'e dhimmootaaf kennuu
- ❖ Dhimmoota karaa si'awaa ta'een keessumeessuu
- ❖ Haala bu'a qabeesummaa isaa mirkaneessuun qabeenya mana murtiitti fayyadamuu
- ❖ Dhimmoota baasii xiqqaa fi yeroo gabaabaa keessatti keessummeessuu
- ❖ Dhimmoota yeroo gara sadarkaa dhagaha guutuutti qajeelchan ijoo dubbii adda baafachuu mirkaneeffachuu
- ❖ Ragoonni karaa bu'a qabeessa fi si'awaa ta'een kan dhiyaatan ta'uu mirkaneeffachuu fi
- ❖ Abbaan seeraa haalawan guutuu ta'anii fi ijaaramanii murtii kennisiisuuf dandeessisan jiraachuu isaa mirkaneeffachuu qaba.

Galmi dhumaan qajeeltowwan kanaa haqa sirriin akka jiraatu taasisuu dha. Qajeeltowanii fi malli hoggansa dhimmaa kamiyyuu galma kana galma biroo fakkeenyaaaf ariitiidhaan bakka buusuu hin qabu.

Hoggansa dhimmootaa bu'a qabeessa taasisuuf kanneen armaan gadii barbaachisoo dha.

- ❖ Hoggansi dhimmaa bu'a qabeessa ta'e qindoomina (wal deeggarsa) irratti kan bu'uureffate dha. Dhimmoonni baay'een kenniinsa haqaa irratti dhiibbaa uumuu danda'an to'annoo mana murtiitiin ala kan jiran dha. Dhimma hariiroo hawaasaa keessa yoo xiqaate qaamoleen lama kan jiran yemmuu ta'u manni murtii hojii bu'a qabeessa hojjechuuf gargaarsa warra kanaa barbaada. Manni murtii hirmaattota adeemsichaa irraa akkaataa seeraatti hojii isaanii akka hojjetaan ykn qophii akka godhan taasisuu qaba.
- ❖ Hoggansi dhimmaa bu'a qabeessa ta'e fedha fayyadamttaa kan guutu danda'u ta'uu qaba. Fedhiin fayyadamttaa dhimmoonni ariitii fi qulqullinaan akka xumuramuuf ta'uu danda'a.
- ❖ Kutannoo fi kaka'umsa hoggantoota manneen murtii
- ❖ Kutannoo fi kaka'umsa abbootii seeraa
- ❖ Odeeffannoo qindaa'e

## **Gaaffii 1**

Hoggansi dhimmootaa maal akka ta'ee fi hirmaattonni falmii hariroo hawaasaa (himataa, himatamaa, ragaa kkf) hoggansa dhimmaa irraa maal akka eegan saanduqa armaan gadii keessatti barreessi.

.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....

## **Gaaffii 2**

Hoggansi dhimmaa qulqullina qabu qulqullina murtii irratti bu'aa inni fidu saanduqa armaan gadii keessa kaa'i.

.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....  
.....

## **Shoora Mana Murtii Hoggansa Dhimmaa Keessatti**

Hoggansa dhimmaa dammaqinaan hordofuun kanneen armaan gadii haammata

- ❖ Dursanii firii dubpii bitaa fi mirga falmisiise adda baasuu
- ❖ Fedha ragaa dursanii adda baasuu
- ❖ Gochi kam, eenyuun, yoom fi haala kamiin akka hoijetamu mirkaneessuu
- ❖ Adeemsa dhimmaatiif daangaa yeroo kaa'u
- ❖ Dhimmootni kallattii taa'aaniin deemaajiraachuu hordofuu
- ❖ Ragoonni karaa ifa ta'ee fi gabaabaa ta'een dhiyaachuu mirkaneeffachuu
- ❖ Dhimmoonni akka harkifatan jajjabeessuu dhiisuu
- ❖ Hanga danda'ametti dhimmoota wal faana deemuu danda'an wal faana raawwachuu
- ❖ Hirmaattonni adeemsa irratti mana murtii waliin akka wal deeggaran taasisuu .

### **1.2. Dhimma hariiroo hawaasaa jalqabumurraa eegalanii ilaaluu fi to'achuu**

Jalqabumurraa mala hoggansaa ittiin dhimmi to'atamu diriirsuun himannaan hariiroo hawaasaa yommuu dhiyaatutti falmiin dura dursanii dhimma to'achuun yeroo silaa mana murtiitti badu gabaabsuu, baasii falmii xiqqeessuu fi murtii haqa qabeessa ta'e kennisiisuu keessatti iddo ol'aanaa qaba. Dursanii dhimmoota to'achuun haala bu'a qabeessa ta'een seerota seera deemsaarra taa'an, tumaalee fi adeemsota akkasumas aangoor bal'aa abbootii seeraatiif kennametti gargaaramuu ni dabaalata.

Galmeen dhimma hariiroo hawaasaa tokko banamee abbaa seeraatiif yommuu dhiyaatu abbaan seerichaa bu'uura aangoor seera deemsa hariiroo hawaasaatiin kennameefin dhimmichi kan dhiyaachuu qabu ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba. Akkasumas himannaal irratti deebiin yemmuu kennamu deebichi ijoo dhimmaa irraa osoo hin fagaatin akkaataa seeraatti dhiyaachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Abbootiin seeraa jalaqabarrraa eegalanii dhimma ilaaluun gara fuulduraatti rakkoo uumamuu danda'u yaadanii dhimmoonni sirreffamanii akka dhiyaatan taasisuudhaan karaa ariifataa fi bu'a qabeessa ta'een murtii haqa qabeessa ta'e akka kennan taasisuu danda'a. Dhimmoonni akka dhiyaataniin gara fuulduraatti bal'inaan ilaalamu jechurra yerooma dhiyaatu of eeggannoos sakatta'anii, hanqinoota sirreessuun, abbootii dhimmaa waliin

akkaataa seeraatti dubbachuun fi waliigaluun dhimmoonni haala salphaa ta'een murtii akka argataniif kallattii qabsiisuun irraa eegama.

### **Gaaffilee marii garee**

1. Galmeen dhimma hariiroo hawaasaa tokko banamee abbaa seeraatiif yommuu dhiyaatu abbaan seeraa himanna osoo hin dubbisin himatamaa qaqqabsiisuun hojimaata baratamaa ture. Ammallee yoo ta'e baay'ina hojii irraan kan ka'e himannoo osoo hin dubbisin gara himatamaatti erguun jira. Hojmaatni kun sirrii dha jetta? Maalif? Akkamitti rakkoo kana hir'isuun danda'ama?
2. Moojula kana waliin iyyannoowwan qabatamaan mana murtiitti dhiyaatan wal qabataniiru. Iyyannoowwan kana ilaali rakkoo kan qaban adda baasi. Iyyannoowwan rakkoo qabu jedhaman manni murtii dursee osoo hin qulqulleeffatin gara dhimmaatti osoo seenee rakkoo maalitu uumama jettee yaadda?

Tekiniikoota ykn maloota tarreeffaman

- Abbaan seeraa tokko himanni karaa Mana galmeed fi rejistraaraan banamee yoo isa qaqqabe himanna dhiyaate sana of eegganno fi xiyyeffanon dubbisuu qaba. Himanni dhiyaate rakkoo foormii, iftoominaa ykn sababa malee dheerachuu yoo qabaate sirreffamee akka dhiyaatu gochuun irra jiraata. Yeroo baay'ee abbootiin seeraa dursanii dhimmoota kana qulqulleessuu dhabuudhaan, himatamaan deebii erga kennee falmitti galamee booda yaadatanii dhimmoota ji'oottanii fi waggoottan booda gara duubatti yommuu deebisan ni mudata. Kun maallaqaa fi yeroo wal falmitootaa fi qabeenya mana murtii kan balleessu dha.
- Himanni dhiyaate sababa himanna qabaachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Dhimmi dhiyaate sababa himanna isaa sirriitti hin ibsu taanaan sirreffamee akka dhiyaatu gochuu qaba. Dhimmoonni Hariiroo hawaasaa tokko tokko sababa himanna osoo hin qabaatin gara falmiitti seenamee booda ji'oottan fi waggoottan erga darbee durayyuu mirga hin qabdu turte jedhamee yemmuu murtiin kennamu ni mudatu. Kun sa'a qaalii (mi'aa) mana murtii, yeroo fi maallaqa garee wal falmitootaa kan balleessu dha.

- Dhimmicha keessumeessuuf aangoo hundee dubbii fi tooraa qabaachuu isaa mirkaneeffachuu qaba. Dhimmicha keessummeessuuf aangoo hin qabu yoo ta'e dursee dhimmicha gaggeessuu qaba.
- Iyyannoowwan dhiyaatan (himanna fi deebii) dursanii dubbisuudhaan waa'ee salphina fi wal xaxiinsa dhimmichaa gamanumaa tilmaamuun ni danda'ama. Dhimmoonni wal xaxoon yeroo fi humna abbootii seeraa ol'aanaa kan barbaadan waan ta'eef qabeenya fi yeroo mana murtii dursanii karorsuudhaan bu'a qabeessa ta'uuf socho'uun ni danda'ama.
- Iyyannoowwan bitaa fi mirgaakuma dhiyaataniin dubbisani ragoonni dafanii akka dhiyaatan gochuu qaba. Keessattuu ragoonni harka garee wal falmitootaa hin jirre akka dhiyaatuuf yeroo gafatamutti gara dhimmaatti seenuun dhimmichi akka hin harkifanne taasisurra dursanii dhiyeessisuun barbaachisaa dha.
- Dursanii dhimmoota sakatta'u (early case screening)
  - Himatamaan bakka manni murtii irratti aangoo qabuun ala fi keessa ta'u mirkaneessuu
  - Haala waamicha himatamaa ykn karaa itti waraqaan waamichaa qaqqabu adda baafachuu
  - Baay'ina ragaa adda baafachuu
  - Bakka ragoonni dhufan adda baafachuu
  - Ragoonni ogeessaa jiraachuu adda baafachuu
  - Dhimmichi ragaadhaan mirkaneessuuf ulfaataa ta'u isaa fi ta'u dhabuu isaa adda baafachuu fakkeenyaaf dhimma beenyaa miidhaa mirkaneessuun ulfaata dha.
  - Ragaan sanadaa jiraachuu fi baay'ina isaanii adda baafachuu
  - Ragoolee biroo fakkeenyaaf ragaa ibsa (agarsiisa) jiraachuu adda baafachuu

**Abukaattonni garee wal falmitootaa ykn gareen wal falmitootaa jalqabuma irratti xiyyeffannoo dhimmootaaf akka kennan taasisuu**

Falmiin dhimma hariiroo hawaasaa hirmaannaa cimaa garee falmiitiin ala bu'a qabeessa hin ta'u. Dhimmoota hariiroo hawaasaa gara mana murtiitti kan fidu garee walfalmitootaa waan ta'aniif hundaa oli itti gaafatamummaa fudhachuu qabu. Waan hundaafuu dhimmi hariiroo hawaasaa

hirmaannaa garee falmiitiin ala galma gahuu waan hin dandeenyeef manneen murtii gareen kun tattaaffii cimaa akka godhan taasisuu qabu.

Kanaaf, manneen murtii gareen falmitootaa ;

- Himannaasisaanii haala gabaabaa fi ifa ta'een akka dhiyeeffatan taasisuu qabu
- Ragaa akka dhiyaatuuf gaafatan hordofanii kan dhiyeessifachaa jiran ta'uu hordofuu qabu
- Hojimaata manneen murtii biyya kanaatti kan baratame garee falmii faallaa garagalcha himannaasisaanii qaqqabsiisu garee falmii himate waan ta'eef himannaan kun yeroo gahaa keessatti qaqqabuu mirkaneeffachuu
- Ajajootni manneen murtiin kennaman kamiyyuu daangaa yeroo taa'e fi haala gahaa ta'een raawwatamuun isaanii mirkanaa'u qaba
- Garee falmitootaa dhibaa'a ta'an irratti tarkaanfiwwan adabbii bu'uura seera adeemsaan akka raawwatamuun taasisuu (fkn.kisaaraa muruu)

### **Gaaffilee marii garee**

Armaan olitti dhimmoota jalqabarrraa eegallee ilaaluu fi to'achuuf maloota nuti fayyadamnu tarreeffamaniiru.

1. Maloota kana tokko tokkoon erga ilaaltee booda faayidaa isaa irratti mari'adhu.
2. Malootni kun seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa waliin ni deemu jette amantaa? maalif ?
3. Manneen murtii haala qabatamaa amma jiruun maloota kana hojiirra akka hin oolchine waanti taasisu jiraa?

### **1.3. Dhimmoota adda adda baasanii hogganuu**

Dhimmoota adda adda baasanii hogganuun sirna dhimmoonni manneen murtiitti dhiyaatan abbootii seeraa fi abukaattota barbaachisu akkasumas yeroo gahaa adeemsichi fudhatu bu'uura godhachuun dhimmoota adda adda baasee akka ilaalamuuf diriire dha. Adeemsi hojiiakkanaa kun dhimmoota bu'uura aangoo manneen murtiitiin adda baasanii ilaaluu waliin kan wal fakkaatu ta'us dhimmoota adda adda baasanii hogganuun qoodinsa aangoo caalaa wal xaxaa dha.

Dhimmoota manneen murtiitti dhiyaatan hundinuu yommuu ilaalaman goса tokko miti. Tokko tokko salphaa waan ta'aniif yeroо abbaa seeraa hin fudhatan. Gama birootiin dhimmoonni muraasni ijoo dubbi wal xaxaan akka uumamu kan taasisan fi ragaa baay'een akka irratti dhagahamu kan barbaadan dha. Dhimmoonniakkanaa xiyyeffannoo addaa abbaa seeraa, to'annoо fi hordoffii kan barbaadan dha. As irratti yaadrimeen dhimmoota adda adda baasanii hogganuu dhimmoonni hundaa daangaa yeroо wal fakkaataa ta'e keessatti fi adeemsa wal fakkaataa ta'een hojjetamuу hin qabu kan jedhu dha. Tarsiimoon hojii mana murtii dhimmi dursee dhiyaate dursee keessumeeffamee dursee murtii argachuу qaba kan jedhu dha yoo ta'e hojimaatichi gara dogoggoratti nama geessa. Dhimmoonni haala walfakkaataa ta'een kan keessumeeffaman yoo ta'e dhimmoonni turuu hin qabne turuu danda'u.

Dhimmoota adda adda baasanii hogganuun kaayyolee lama qaba. Isaanis;

1. Dhimmoonni akka amala isaaniitti hanga danda'ametti yeroо gabaabaa keessattii fi haala haqa qabeessa ta'een akka furmaata argatan
2. Qabeenyaa fi yeroо mana murtii akka amala dhimmootatti hojiirra oolchuu dha.

Dhimmoota adda adda baasanii hogganuun kanneen armaan gadii irratti karoorsuu barbaada.

1. Sararoota adda addaa dhimmoonni akka amala isaaniitti ; daangaa yeroо fi adeemsa adda adda qabatanii keessa bahuu qabanii fi ittiin hogganaman (multiple tracks or paths)
2. Sirna dhimmoonni gara mana murtiitti dhiyaatan karaa isaan qabachuu qaban murteessu (agarsiisu)
3. Sirna hordoffii itti fufinsa qabuu, fi adeemsi fi daangaan yeroо dhimmootaaf taa'e ittiin to'atamu
4. Amalli dhimmootaa adeemsa keessa jijiiramuu waan danda'uuf Sirna sirreffamaa deemuu danda'uuf fi dhimmoota madaaluuf nu dandeessisu qopheessuu

Dhimmoota adda adda baasanii hogganuu keessatti hojiin guddaan mala dhimmoota madaallee adda baasuuf itti gargaaramnu filachuu dha. Kaanafis mala hedduu fayyadamuun ni danda'ama. Manneen murtii biyya Amerikaa keessaa tokko tokko dhimmoota adda baafachuuf ulfina dhimmichaa fakkeenyaaaf yakkichi cimaa ta'u fi dhabuutti kan fayyadaman yemmuu ta'u kanneen biroon immoo hanga maallaqa dhimmichaa,deebii garee wal falmitootaa,gosa ragaa dhimmichi barbaadufaa madaallii isaaniitiif bu'uura godhatu. Manneen murtii tokko tokko gosa dhimmaa ilaaluun kan qoqodatan yemmuu ta'u kanneen biroon immoo gosa dhimmichaa fi dhimmoota madaallii armaan olitti tarreeffaman tilmaama keessa galchuudhaan adda qooduun ni keessumeessu. Manneen murtii madaalliif dhimmoota isaan itti gargaaraman hedduu yemmuu ta'u fayidaa kan qaban ta'uun isaa kan wal nama gaafachiisu miti. Manni murtii Federaalaa Itoophiyaa sadarkaa jalqabaa dhimmoota gosa, ariitii, walxaxiinsa isaaniin adda baasanii hogganuu hordofu. Keessattuu yeroo dhimmoonni kun ni fudhatu jedhamee taa'e adda adda dha.

### **Dhimmoota adda adda baasanii hogganuun faayidaa armaan gadii ni qaba;**

1. Dhimmoota adda baasanii hogganuun manni murtii humna namsaa (abbootii seeraa fi hojjetaa deggarsaa) tti sirnaan akka fayyadamu dandeessisa. Dhimmoota dursanii ilaaluudhaan adda baasuun dhimmoota wal xaxoo ta'an adda baasanii osoo hin tursin murtii kennuuf nama gargaara. Akkasumas sa'atiin abbootii seeraa dhimmoota sasalphaa irratti haala hin malleen akka hin badneef garagaara. As irratti wanti dagatamuu hin qabne dhimmoota adda adda baasanii hogganuun humna namsaa manni murtii dabalataan barbaadu bakka bu'ee ni hambisa jechuu miti. Filannoon lamaanuu wal bira qabamanii ilaalamuu qabu.
2. Dhimmoota adda adda baasanii hogganuun dhimmoonni haala si'aawaa ta'een murtii akka argatan taasisa. Sirni dhimmoota adda adda baasuu dhimmoonni karaa adda addaarra akka ilaalamu taasisuudhaan dhimmootaaf daangaa yeroo adda addaa waan kaa'uuf yeroo taa'eef keessatti carraan xumuramuu dhimmootaa ol'aanaa dha.
3. Dhimmoota adda adda baasanii hogganuun qulqullinni murtii akka dabalu taasisa. Sirnichi dhimmoonni dursanii akka ilaalamu kan dirqisiisu waan ta'eef abbootiin seeraas ta'e gareen falmitootaa qophii barbaachisu ni godhu. Gareen falmitootaa dursanii itti qophaa'uudhaan akka dhagahaman kan dirqisiisu waan ta'eef ijoon dubbii dhimmichaa haala ifa ta'een akka adda bahu taasisa.

4. Qaamota sirna haqaatiif gahee guddaa qaban kan akka waldaa abukaattotaa waliin walitti dhufeenya cimaan akka uumamuuf ni gargaara. Dhimmoota adda baasanii hogganuun kan manni murtii qofti kaka'umsa mataa isaatiin hojiirra oolchu miti. Kanneen biroon sirna haqaa keessatti hirmaanna qaban guyyaa karooraatii eegalee hanga hojiirra oolmaatti keessatti hirmaachuu qabu. Keessattuu dhimmoota adda baasuuf maloota madaallii adda addaa nuti gargaaramnu adda baasuun hojii waliin hojjetamu ta'u qaba.
5. Dhimmoota adda adda baasanii hogganuun baasii falmii ni xiqqeessa. Baasii falmii yemmuu jennu baasii mana murtiis ta'e kan garee wal falmitootaa kan dabalatu dha. Keessattuu akka armaan olitti ibsame dhimmoota adda adda baasanii hogganuun umurii dhimmootaa ni gabaabsa. Umuriin dhimmootaa gabaabachaa yemmuu deemuu immoo baasiin mana murtii fi garee walfalmitootaa akka xiqqaachaa deemu ifa dha.
6. Dhimmoota adda baasanii hogganuun adeemsi hojii mana murtii tilmaamamaa akka ta'u kan godhu waan ta'eef amanamummaa uummanni mana murtii irratti qabu akka dabalu taasisa.

Mala dhimmoota adda baasanii hogganuu gara mana murtiitti fiduuf haaldureewwaan armaan gadii barbaachisoo dha;

1. Itti gaafatamummaa dhimmoota adda baasanii hogganuu kan qabu mana murtii qofa ta'u isaa hubachuu
2. Hoggantootni manneen murtii dhimmoonni mana murtiitti dhiyaatan amala adda addaa kan qaban fi gosa tokko qofa akka hin taanee fi adeemsaa adda addaatiin hogganamuu akka qaban irratti waliigaluu
3. Gareen hojii murtii keessatti hirmaatu kamuu dhimmoonni akkaataa amala isaaniitti hogganamuu akka qaban amanuu
4. Dhimmicha keessatti walitti qabaan itti gaafatamummaa adeemsicha ilaalcisee jiru to'achuu fudhachuu akka qabu
5. Itti gaafatamummaan haala itti dhimmoonni adda bahanii qoodaman qindeessuu ogeessa hojii bulchiinsatiin muuxannoo qabuuf kennamuu qaba.
6. Sirnicha deeggaruuf mala odeeffannoo kompiiteraan qabachuu hubachiisuun barbaachisaa dha.

Haaldureewwan armaan olii guutnaan sirna dhimmoota adda adda baasanii hoogganuu diriirsuuf sagantaa qopheeffachuun barbaachisaa dha. Sirnicha qopheessuuf tarkaanfiin inni duraa sirnicha karoorsuuf qaama hirmaachuu qabu adda baafachuu dha. Kanaafis kanneen armaan gadii sirna karoorsuu irratti hirmaachuu qabu;

- Pirezidaantota manneen murtii
- Pirezidaantota manneen murtii Godinaa
- Walittii qabaa abbootii seeraa
- Itti gaafatamtoota Rejistraara
- Bulchiinsota manneen murtii (itti gaafatamtoota bulchiinsaa fi faayinaansii)

Karoora hojii dhimmoota adda adda qoodanii hogganuu qopheessuun dura haala ulfaatinaa fi hojimaata dhimmoottaa irratti odeeffannoo guuruun barbaachisaa dha. Kanaaf ;

- Baay'ina gal mee yeroo dhiyootti jiru, hangam akka jiraachuu danda'u fi gosa dhimmaa
- Baay'ina dhimmoota ilaalamaa jiranii, gosa fi turtii galmeewwanii
- Sababoota itti beellamni deddebi'ee kennamuu fi gosa dhimmoottaa
- Dhimmoonni jalqabaa hanga xumuraatti yeroo isaan fudhatan, odeeffannoo ammaa fi waggoottan shananii
- Sadarkaa falmii itti dhimmootaaf murtiin kennamu ilaaluun ni barbaachisa.

Odeeffannoон kun haala itti dhimmoonni keessummeeffamaa jiran, bakka rakkoon jiru fi beellama baay'isuun maalif akka ta'e akka adda baafannu nu taasisa. Odeefannoowwan kun sirriitti ilaalamani tarreeffamuu kan qaban yemmuu ta'u dhimmootaaf murtii kennuuf guyyaa soddoma irraa eegalee dheerina yeroo inni fudhate dhibbentaan ilaalamee akkasumas karaa itti dhimmoonni murtii argatan fakkeenyaaaf amantaadhaan, mala filannnoon falmii hiikuutiin ykn falmii keessa ta'uu isaa adda baafachuu ni gargaara.

Ta'us qabxiwwan armaan gadii irratti xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaa dha.

- Dhimmoota osoo falmiin irratti hin gaggeeffamin xumura argatanii fi sababa itti murtii argatan
- Dhimmoota yeroo dheeraa fudhatanii, fi yeroo fi xiyyeeffannoo abbootii seeraa barbaadan

Odeeffannoон waa'ee yeroo dhimmoonni fudhatanii ilaachisee argame dhimmoonni murta'uuf yeroo hagam akka fudhatan nutti agarsiisa. Akkasumas odeefannoo kanarraa umuriin dhimmootaa gabaabachuun ykn dheerachuun hojiwwan mana murtii isa kamii waliin akka wal qabatu ilaaluun ni danda'ama. Beellamni yeroo meeqaaf irra deddebi'anii akka kennaman, sababoota kennaman fi dhimmoota gosa akkamii irratti akka kennaman sakatta'uun barbaachisaa dha. Keessattuu abbootiin seeraa haala hojjetamuun hin dandeenyeen fakkeenyaaaf guyyaa tokko irratti galmee hedduu beellamuun fi dhiisuun isaanii sakatta'amuu qaba. Odeeffannoowwan armaan olitti ibsaman kana bu'uura godhachuudhaan karoora dhimmoota adda adda baasanii hoogganuu qopheeffachuudhaan hojiirra ooluu qaba.

Kanarratti dhimmoota adda baasanii hogganuuf dursee taa'uu kan qabu qabxiwwan madaallii ittiin dhimmoonni fo'aman dha. Manneen murtii biyya Amerikaa keessatti argaman ariitii bu'uureffachuun dhimmoota sarara sadiin adeemsisu. Manneen murtii biroon ariitii fi dhimmoota akka addaatti ilaalaman biroo bu'uura madaallii godhatanii dhimmoota sarara shan ykn ja'a ta'een keessumeessu. Sanas ta'e kana baay'inni toora dhimmootaa gosa dhimmoota manneen murtiitiin kan murtaa'an yommuu ta'u keessattuu dursinee akka ilaalle haala sassaabbii odeeffannoo fi bu'aa xiinxalaa kan bu'ureffatu dha.

Karaa (sararaa) fi amala dhimmootaa adda baafachuuf gaaffilee armaan gadii gaafachuun barbaachisaa dha.

- Dhimmoota kamtu kan biroo dursee ariitiidhaan murtii argata? Fakkeenyaaaf murtiwwan amanamanii kennaman ariifatoo yoo ta'an dhimmoonni kun dhimmoota falmii qaban irraa adda bahanii dhimmoota idilee irraa sirna hoggansaa adda ta'een fi daangaan yeroo taa'uuf qaba.
- Dhimmoonni yeroo abbootii seeraa fi mana murtii barbaadan dhimmoota akkamiiti? dhimmoonniakkanaa toora ykn karaa yeroo dheeraa qabu keessa akka galan taasisa.
- Dhimmootni xiyyeeffannoo addaa fi hoggansaa addaa barbaadan jiruu? Fakkeenyaaaf himatamaa afaan biyya alaa qofa haasawu fi nama afaan turjumaanuuf mana murtii irraa barbaadu dhimma xiyyeeffannoo barbaadu dha.

Gaaffilee armaan olitti tarreeffaman bu'uura godhachuudhaan toora dhimmootaa hundaaf qabxii madaallii kaa'uun nurra jiraata. As irratti fakkeenyaaaf dhimmi himatamaa cheekii maallaqa hin

qabne kenne, kan akka ragaatti irratti dhiyaatu cheekii qofa yoo ta'ee, ijoon dubbi seeraa hin ka'u yoo ta'e fi ragaan muraasni kan irratti dhiyaatu yoo ta'e dhimmicha sarara dhimma ariifataatiin (expedited track) akka ilaalamu taasisuu dha. Fakkeenyaaf dhimma akka dhimma konistraakshinii kan himannaan hedduun fi ragaa hedduun irratti dhiyaatu karaa dhimmaa ulfaataa(complex track) akka ilaalamu taasisuu fi haalli wal xaxiinsa dhimmichaa fi baay'inni ragaa giddu galeessa yoo ta'e immoo karaa dhimmaa idileen (standard track) akka ilaalamu taasisuun ni barbaachisa. As irratti dhimmoonni gara mana murtiitti yemmuu dhufan karaa adda addaa akka qabatan taasisuuf amala dhimmootaa murteessuuf odeeffannoo funaanoon barbaachisaa dha. Kunis dhimmoonni mana murtiitti yommuu dhiyaatan manni murtii unka qopheesee garee walfalmitootaatiif kennuudhaan odeeffannoo akka kennan taasisuudhaan kan argamu dha.

Dhimmoonni bu'uura madaallii taasifamanii fi karaan dhimmootaa erga adda bahee booda karaa (sarara) hunda irrattiyyuu adeemsi deemamuu qabu murtaa'uu qaba. Kun ta'us hojimaatni dhimmicha ariifachiisu kan itti fufuu qabu yommuu ta'u kan akka harkifatu taasisu immoo hafuu qaba. Akkasumas adeemsi dhimmicha ariifachiisuu danda'u biroon dabalamuu qaba yoo ta'e sunis dabalamuu qaba.

Akka waliigalaatti dhimmoota adda baasanii sagantaan hogganuu hojniirra oolchuun qofti gahaa miti, hordoffiinis jiraachuu qaba. Keessattuu hirmaattoota sirna haqaa waliin walitti dhufeenyii fi wal gargaarsi wal irraa hin citne ni barbaachisa. Kana malees gaarummaa fi miidhaan sagantaa hojniirra ooolee sakatta'amuu qabu.

### **Gaaffilee marii garee**

Malli dhimmoota adda baasanii hogganuu manneen murtii keessatti hojniirra oolchuun hirmaanna qaamota baay'ee barbaada. Akkasumas sagantaa isaa qopheessanii hojniirra oolchuun qorannoo yeroo dheeraa gaafata. Keessattuu kutannoo fi kaka'umsa hoggantoota mana murtii barbaada. Faayidaa mala dhimmoota adda baasanii hogganuu armaan olitti ilaaluuf yaalleerra.

- ❖ Sirna manni murtii hundeessu osoo hin jiraatin abbaan seeraa dhimmoota dhaddacha tokkotti dhiyaatan adda baasee hogganuu ni danda'a jettanii amantu?

- ❖ Manneen murtii baay'ee keessatti abbootiin seeraa karoora wagga akka qopheeffatan ni gaafatamu. Adeemsa kana keessa karoora dhimmoota dhiyaataniif adda baasee hogganuuf dandeessisu qopheeffachuuun ni danda'amaa?

### **Seera Deemsaa Falmii Hariiroo Hawaasaa fi Dhimmoota Adda Adda Baasanii Hogganuu**

Malli dhimmoota adda adda baasanii hogganuu armaan olitti ilaalle sirna sadarkaa mana murtiitti karroorri bahee hojiirra oolu dha. Hojimaatni kun hogganaa ol'aanaa mana murtii irraa gara gadiitti kan bu'u waan ta'eef raawwiin isaas yeroo kan fudhatu waan ta'eef ykn immoo gonkumaa hojiirra ooluu waan hin dandeenyeef abbootiin seeraa mala hoggansa dhimmaa mataa isaanii qopheeffatanii hojiirra oolchuu qabu.

Akkuma armaan olitti ilaalle dhimmoonni gosaan, ulfaatinaan(walxaxiinsaan) ykn ariitiidhaan adda bahuu danda'u. Garaagarummaa kana bu'uureffachuuudhaan dhimmoota hogganuun ni barbaachisa. Fakkeenyaaaf dhimmi ragaa nama soddoma qabu akka dhimma idileetti fudhatamee dhimmoota biroo waliin ilaalamuu hin qabu. Abbootiin seeraa mala bu'a qabeessa ragaa itti dhagahanii xumuruu qaban uumuudhaan hojiirra oolchuu qabu. Galmee akkanaa waliin galmeelee biroon beellamamee ilaalamuu hin qabu. Karaa biraatiin dhimmi dhaalaa dhimma cheekii waliin haala wal qixa ta'een keessummeeffamuu hin qabu. Beellamni dhimma dhaalaaf kennamu dheerachuu kan danda'u yommuu ta'u kan beellamni dhimma cheekiif kennamu immoo gabaabachuu danda'a.

Gama birootiin Seerri Deemsaa Falmii Hariiroo Hawaasaa dhimmoota karaa gurguddoo sadiin keessumeessa.

### **Sirna Idilee**

Sadarkaa dhagahaan duraa (pre-trial stage)

1. Himannaan ragaa namaa fi sanadaa akkasumas tarree ragaa waliin dhiyaata.
2. Himatamaan deebii isaa qabatee akka dhiyaatu ajajama.
3. Deebiin ragaa barreffamaa fi sanadaa akkasumas tarree ragaa waliin dhiyaata.
4. Deebiin erga dhiyaatee booda falmiin barreffamaan taasifamu ni dhaabbata.

5. Falmiin barreeffamaa erga dhaabbatee booda dhimmichi dhagahaaf beellamama.
6. Guyyaa beellamaa kanatti gareen falmii mataan isaanii ykn bakka bu'ootni ni dhiyaatu.
7. Gareen falmitootaa himanna ykn deebii barreeffamaa isaanii waliin ragaa barreeffamaa hin dhiyeeffatin qabatanii dhiyaatu.
8. Ragaan barreeffamaa hunduu kaka'umsa abbootii dhimmaatiin ykn ajaja mana murtiitiin dhiyaatu.
9. Manni murtii abbootii dhimmaa ykn bakka bu'ota isaanii ni qorata.
10. Mormiin sadarkaa duraa yoo ka'e murtii itti kenna.
11. Qorannoo taasiseen himatamaan yoo amane battalumatti murtii kenna.
12. Himatamaan himanna irratti dhiyaate yoo haale ijoon dubbii ni hundoeffama

#### Dhagaha guutuu (trial stage)

1. Erga ijoon dubbii hundoeffamee falmii dhagaahuu fi ragaa qorachuun itti fufa.
2. Ragoolee garee lamaamiifuu waraqaan waamichaa ni ergama.
3. Ragooleen garee lamaaniiyuu guutanii dhiyaatu.
4. Himataan (yeroo tokko tokko himatamaan) himanna isaa ilaachisee haasawa baniinsaa ni taasisa.
5. Gareen falmii eegale qabxii ragoonni irratti ragaa bahan gabaabsee ibsa.
6. Ragooleen dhugaa dubbachuuf ni kakatu ykn dhugaa akka dubbatan ni mirkaneessu.
7. Gareen falmii eegale ragoolee isaa tokko tokkoon waamee gaaffii duraa gaafata. Gareen biroon gaaffii qaxxaamuraa gaafata. Gareen jalqabe gaaffii keessa deebii gaafata. Manni murtii yeroo barbaadetti gaaffii barbaade gaafata.
8. Gareen falmii eegale ragoolee isaa dhageessifatee erga xumuree booda gareen biroon qabxii ragooleen isaa beekaniif gabaabsee ibsee haluma wal fakkaatuun ragoolee isaa dhageessifata.
9. Adeemsi ragaa dhagahuu akkuma xumurameen gareen lamaanuu haasaa cufiinsaa ni taasisu.
10. Dhuma irratti manni murtii murtii kenna.

## **Sirna gabaabaa (Summary procedure)**

1. Bu'uura s/d/f/h/h keewwata 284 hanga 292tiin raawwatama
2. Sirna kanaan dhimmoota s/d/f/h/h keewwata 284 jalatti tarreeffaman qofatu keessumeeffama. Maddi isaa; waliigaltee ifa, sanada hawaalaa, cheekii, sanada waadaa,ykn waliigaltee salphaa, himanna hangi qarshii isaa adda bahee beekamu ilaallata yoo ta'e dha.
3. Iyyannoон dhiyaatu jecha kakuun deeggaramee dhiyaachuu qaba (284(c). Jechi kakuu sunis himatamaan deebii gosa kamiyyuu kan hin qabne ta'uu ibsuu qaba.
4. Manni murtichaa iyyannoo dhiyaate erga fuudhee booda waraqaan waamichaa himatamaa akka qaqqabu ajaja. (285(1)
5. Himatamaan yoo mana murtii hayyamsiifate malee deebii kennuu hin danda'u.
6. Himatamaan dhiyaatee deebii kennachuuf mana murtii kan hin hayyamsiifanne taanaan deebii dhiyeeffachuu hin danda'u. (285(2)
7. Deebii kennachuuf iyyannoон hayyamsiisaa dhiyaatus jecha kakuun deeggaramuu qaba. (286)
8. Iyyannoo himatamaan akka hayyamamuuf gaafate kufaa yoo ta'e battalumatti himataadhaaf murtaa'a.
9. Iyyannoон hayyamsiisaa fudhatama yoo argate garuu deebii akka kennatuuf himatamaadhaaf ni hayyamama. Adeemsichis kan hooggannamu ajaja manni murtii kennuu ykn sirna idileetiin ta'uu danda'a. (290 fi 291)
10. Erga murtiin kennamee booda waraqaan waamichaa himatamaa sirnaan kan hin qaqqabne ta'uun isaa yoo mirkanaa'e manni murtichaa raawwii murtii kenname dhorkee himatamaan dhiyaatee akka deebii isaa kennuu fi haala raawwii dhimmichaa ilaalchisees ajaja itti fakkaate kennuu ni danda'a. (292)

## **Sirna ariitii (Accelerated procedure)**

1. Bu'uura s/d/f/h/h keewwata 300 hanga 314tiin raawwatama
2. Akka bu'uuratti sirna kanaan kan ilaalamani dhimmoota keew.305 fi 307-314 jiran jalatti tarreeffaman dha. (300)
3. Akka addaatti manni murtii kan dhorkuu danda'u ta'ee dhimmoonni biroon sirna ariitii kanaan ilaalamuu danda'u. (300)(1)
4. Iyyannichi kan dhiyaatu ulaagaalee keew.301 keessa jiran guutee, jecha kakuun deeggaram ee ta'uu qaba.
5. Iyyannichi sababoota keew.302 tarreeffamaniin kufaa ta'uu danda'a.
6. Iyyannichi fudhatama yoo argate manni murtii kan kennu firii dubbii iyyannicha keessatti dhiyaatee fi ragaa sanadaa fi barreeffamaa iyyataan dhiyeeffate bu'uura godhateeti. (303(2), 301(3)). Ta'us manni murtii ragaan barbaachisu akka dhiyaatu ajajuu danda'a. (303)(3)
7. Seerichi karaa biroodhaan akka raawwatamu kan ajaju yoo ta'e malee murtii sirna kanaan kennamee irratti oliyyanno dhiyeessuun hin danda'amu. (keew.309-311n ala), keew.306(1)
8. Oliyyanno kan hayyammamu yoo ta'e oliyanichi murtiin kennamee guyyaa kudhan keessatti dhiyaachuu qaba (306)(2).

Armaan olitti adeemsota (sirnoota) gurguddoo seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa kan ilaalle yommuu ta'u abbootiin seeraa adeemsota kanatti sirnaan fayyadamuu qabu.

## **Gaaffilee marii garee**

1. Sirnoota hoggansa dhimmaa seerri deemsa falmii hariiroo haawaasaa lafa kaa'e tokko tokkoon kaasaatii garaagarummaa fi tokkummaa isaan gidduu jiru irratti mari'adhaa.
2. Abbootiin seeraa dhimmoonni karaa ykn adeemsota tokkoon qofa akka dhufu taasisuuf aangoo qabu?
3. Qabatamaadhaan dhimmoonni baay'inaan kan dhiyaatan sirna idileetiin dha. Sababni isaa maal isinitti fakkaata?

#### **1.4. Tooftaa kenniinsa beellama bu'a qabeessaa**

Dhagaha dhimmaa, falmiin ykn gochi biroon ni eegalama ykn ni rawwaatama jedhame guyyaa beellamametti eegaluu ykn raawwatamuu qaba. Guyyaa ni dhagahama jedhamee beellamametti dhimmi tokko ni dhagahama jechuudhaan shakkii akka hin qabne agarsiisuun garee wal falman ykn hirmaattota dhimmaa irratti uumuun barbaachisaa dha. Hojiin fi bu'a qabeessummaan mana murtii hundaa oli qophii garee falmitootaa waliin wal qabata. Gareen falmitootaa guyyaa dhimmi itti dhagahamuuf beellamametti dhimmichi akka hin dhagahamne kan beekan fi shakkii hin qabne yoo ta'e qophaa'anii mana murtii hin dhufan. Ragoota namaa ykn ragaa biroo yoo dhiyeeffatan baasiif saaxilamu waan ta'eef ragoota isaanii kana hin dhiyeeffatan. Dhimmooniis lafarra harkifatu.

Keessattuu beellamni akekkachiisaa (strict) fi amanamaan dhimmooni waliigalteedhaan akka xumura argatan taasisa. Qorannoobiyya Amerikaatti taasifame tokkoo beellamni cimaan fi amanamaan kallattiidhaan yeroo dhimmooni xumura argachuuf fudhatan waliin kan wal argu ta'uu mirkaneessa.

Beellama cimaa fi amanamaan akka jiraatu gochuuf wanti godhamuu qabu ;

- Guyyaa dhagaha dhimmaa osoo hin murteessin dura dhimmooni waliigalteen akka xumuraman jajjabeessuu
- Mala qabiinsa ajandaa rawwatiinsa qabaatu hubachiisuu
- Kenniinsa beellamaa irratti tarsiimoo cimaa kaawwachuu
- Abbaa seeraa eeggataa ramaduu

Dhimmooni gara dhagahatti osoo hin deemin dura waliigalteen akka xumuramuuf haala mijeessuun dhagaha dhimmaatiif yeroo gahaa kenna. Keessattuu abbootiin seeraa dhimmooni mana murtiitti akkuma dhiyaataniin waliigalteedhaan ykn mala filannoo falmii hiikuu biroodhaan akka xumura argataniif tattaaffii ol'aanaa gochuu qabu. Haala kanaan dhimmooni baay'een jalqabumarraa furmaata argatu. Biyya Amerikaatti dhimmi yakkaa dhibbeentaa 96 ta'uu fi dhimmi hariiroo hawaasaa dhibbeentaa 97 ta'u sadarkaa dhagaaharra osoo hin gahin waliigalteedhaan ykn mala filannoona falmii hiikuutiin furmaata argatu. Haaluma kanaan manneen murtii sadarkaa falmii fi dhagahaatti kan keessumeessan dhimmoota dhibbeentaa 3-4 ta'an irratti dha. Dhimmooni manneen murtiitti waan hin baay'anneef abbootiin seeraa dhimma

falmisiise sirnaan keessumeessuuf yeroo gahaa argatu. Dhimmoonni waan walirratti hin beellamamneef akka manneen murtii biyyaa keenyaa beellama jijijiiruuf hin dirqaman. Asitti dhimmoonni ni dhagahamu, ragoonni ni dhagahamu jedhamee yoo beellamame guyyaa beellamametti gochi beellamameef ni raawwata.

Malli qabiinsa ajandaan raawwii qabu dhaddachi tokko yeroo murtaa'e keessatti (guyyaa tokkotti, torban tokkotti kkf) dhimma hagamii xumuruu akka qabu kan ibsu dha. Baay'inni ajandaan guyyaa, torbanii fi ji'aa gahaa ykn giddu galeessa ta'uu qaba. Humna oli baay'achuuus ta'e xiqqaachuu hin qabu. Ajandaan mana murtii humnaa oli yoo ta'e manni murtichaa dhimma hunda ilaalee waan xumuruu hin dandeenyeef dhimmoonni muraasni beellama birootti darbuun isaanii waan hin hafneef abdii gareen falmitootaa guyyaa beellama irratti qaban ni miidha. Haaluma wal fakkaatuun ajandaan baay'ee xiqqaa yoo ta'e keessattuu dhimma tokko dhagahuuf beellamamee osoo hin dhagahamin yoo hafe abbootii seeraa jalaa yeroon ni bada. Kanaaf manneen murtii haala rakkoo garmalee baay'achuu ykn xiqqaachuu hambisuu danda'uun ajandaan isaanii qabachuu qabu.

Beellama akekkachiisaa fi amanamaa ta'e uumuuf haala kenniinsa beellamaa irratti tarsiimoo cimaa ta'e qabaachuun barbaachisaa dha. Tarsiimoon beellamaa cimina hin qabne gareen wal falmitootaa qophii barbaachisaa ta'e osoo hin taasisin akka dhiyaatan jajjabeessa. Abbaa seeraa eeggataa ramaduun dhimmoonni yeroo birootti akka hin dabarre ykn hin beellamamne taasisa. Hojiin mana murtii gochawan hin eegamneen yeroo baay'ee kan gufatan dha. Abbootiin seeraa dhukkubsachuudhaan ykn sababa birootiin galmees beellaman keessumeessuu dhabuu danda'u. Baay'ina galmees irraan kan ka'es dhimmoota hunda keessumeessuun rakkisaa ta'uu danda'a. Haalli kun beellama cimaa kennamu irratti dhiibbaa mataa isaa qabaatu illee abbaan seeraa eeggataan rakkoo kana furuu ni danda'a.

Abbaan seeraa akkuma hojjettoota mootummaa biroo guyyaatti sa'a 8 torbanitti immoo guyyaa shan hojjeta. Yeroo kana keessatti yaa'insi dhimmaa fi abbaa dhimmaa kan walirraa hin citne waan ta'eef abbaan seeraa yeroo isaa sirnaan fayyadamuu qaba.

Abbootiin seeraa dhimmoonni isaan dhaddacha irratti ilaalaan akkuma jirutti ta'ee dabalataan;

- ❖ Hojii bulchiinsa
- ❖ Abbootii dhimmaa keessumeessuu
- ❖ Murtii barreessuu
- ❖ Dhimma qorachuu fi kkf ni hojjetu.

Abbootiin seeraa yeroo isaanii sirnaan qoqqoodanii hojii bu'a qabeessa ta'e hojjechuu qabu. Abbootiin seeraa torban guutuu hojii dhaddacha gaggeessuu qofa hojjechuu hin qaban. Abbootiin seeraa torban keessaa guyyaa sadii oli osoo dhaddacha gaggeessuu baatanii ni filatama. Sa'a itti murtii barreessan, abbootii dhimmaa keessumeessan, dhimma itti qoratan qabaachuu qabu. Keessattuu dhaddacha irratti dhimma dhagahuun qophii cimaa waan gaafatuuf sanaaf illee yeroo kennamuufi qaba.

Manneen murtii beellama waliin wal qabatee dhimmoota armaan gadiitiif xiyyeffannoo kennuu qabu.

- ❖ Tokkoon tokkoon beellamaa irratti manneen murtii kaayyoo tokko galma geessisuuf karoorfachuu qabu.
- ❖ Beellamni barbaachisummaa hin qabne hafuu qaba
- ❖ Beellamni kamiyyuu galma ifa ta'ee fi galma kana bakkaan gahuuf yeroo gabaabaan dandeessisu kennamuufi qaba.
- ❖ Beellamni kan jijiiramu yoo ta'e fuulduratti wanta hojjetamu ilaachisee kallattiin ifa ta'e taa'uu qaba.

### **Gaaffilee marii garee**

1. Abbootiin seeraa yeroo baay'ee kaayyoo fi sababa malee beellama kenu jedhamanii komatamu. Kun sirrii dha jettuu? Maalif?
2. Malli qabannaa ajandaa fi beellamaa bu'a qabeessa ta'e maal isinitti fakkaata?

## **Kutaa Lama**

### **Dhagaha Duraa**

Kaayyowwan Kutichaa;

Xumura kutaa kanaa irratti leenjifamtoonni;

- ✓ Maalummaa dhimma dhagaha duraa hariiroo hawaasaa ni ibsu.
- ✓ Beellama duraa irratti himannaah dhagahuuf qophii taasifamuu qabu ni ibsu.
- ✓ Maalumaa himannaah dhagahuu ni ibsu.
- ✓ Adeemsa himannaah dhagahuu keessatti hojiilee hojjetamuu qaban adda ni baafatu.
- ✓ Himannaah ni dhagahu.
- ✓ Falmii mormii sadarkaa duraa ni dhagahu.
- ✓ Mormii sadarkaa duraa irratti ajaja ni kennu
- ✓ Ijoo dubbii hundeessuuf haalawwan barbaachisoo ta'an adda baafatu.
- ✓ Mala hundeessa ijoo dubbii adda baafatu.
- ✓ Ijoo dubbii ni hundeessu.

### **Seensa**

Adeemsa falmii dhimma hariiroo hawaasaa keessatti adeemsi dhagaha duraa adeemsa jalqabaati jechuun ni danda'ama. Yeroo kanatti gareen falmitootaa iyyannoo isaanii fi ragaalee sanada isaanii wal jijiiru. Akkasumas adeemsa dhagaha dhimmaa kana keessatti manni murtii garee falmitootaa qorachuudhaan iyyannoowwan ni qulqulleessa, mormiiwwaniif furmaata kenna, ijoo dubbiis ni hundeessa. Ijoo bitaa fi mirgi irratti waldhabanis kan hin jirre yoo ta'e murtii kenna.

## **2.1. Himannaa dhagahuuf qophii dурsee taasifamuу qabu**

Adeemsa falmii dhimma hariiroo hawaasaa keessatti himanni kan dhagahamu beellama jalqabaa irratti dha. Kallattin dhimmichaa bakka itti beekamu waan ta'eef guyyaan dhagahaan kun murteessaadha. Abbootiin seeraa guyyaa kana qophii barbaachisaa ta'e taasisuu qabu.

### **Wal jijiirraa falmii barreeffamaan taasifamu xumuruu**

- a) Wal jijiirraan falmii barreeffamaa kan xumuramu himannaa fi ragaa barreeffamaa dhiyaate irratti himatamaan deebii fi ragaa barreeffamaa yammuu kenuu dha.
- b) Deebii himatamaan kenne irratti himataan deebii deebii akka kenuu hayyamamuu hin qabu
- c) Bitaa fi mirgi barreeffama erga wal jijiirranii booda manni murtii bu'uura s/d/f/h/h keew.242 fi keewwattoota itti aananiitiin garee falmitootaa qoratanii ijoo dubbii hundeessu.

### **Qajeelcha dhaddacha dhimma Hariiroo hawaasaa irraa**

Himannaa dhagahuun dura abbootiin seeraa qophii armaan gadii taasisuu qabu.

- Iyyannoowwan bitaa fi mirgaa sirriitti dubbisuу
- Ragaa sanadaa sirriitti sakatta'uu
- Sanadoota rogummaa qaban kan hin qabne irraa adda baafachuu
- Himannis ta'e deebiin hanqina kan hin qabne ta'uu irraa deebi'anii qulqulleeffachuu
- Ragaaleen sanadaa dhiyaachuu qaban hundi dhiyaachuu isaanii mirkaneeffachuu
- Qabxii bitaa fi mirgi irratti wal dhaban adda baafachuu
- Dhimma iyyannoo bitaa fi mirgaa keessaa ifa hin taane adda baafachuu, dhimma ibsa barbaadu ilaachisee gaaffilee dhiyaachuu qaban qopheeffachuu
- Ragaa sanadaa bitaa fi mirgi dhiyeessan keessaa dhimmi ibsa barbaadu yoo jiraate adda baafachuu
- Iyyannoowwan bitaa fi mirgaa beellama jalqabaa irratti ibsuuf yaadannoo qabachuu

- Himatamaan mormii sadarkaa duraa dhiyeeffachuu isaa adda baafachuu, fudhatamummaa mormichaa sakatta'uu.

### **Yeroo fi haala itti ragaan barreeffamaa dhiyaatu**

- a) Ragaan barreeffamaa hundinuu himannaa dhagahuu fi ragaa qorachuun dura dhiyaachuu qabu.
  - b) Sadarkaa jalqabaatti himataan himannaa isaa waliin himatamaan immoo deebii isaa waliin ragaa barreeffamaa nu fayyada jedhan fi harka isaanii jiru wal qabsiisanii dhiyeeffachuu akka qaban s/d/f/h/h keew.223 (1)(b) fi 234(1) jalatti tumameera.
  - c) Sadarkaa 2ffaa irratti gareen falmitootaa ragaa barreeffamaa nu fayyada jedhanii fi dhiyeeffachuu danda'an ykn manni murtii akka dhiyaatu kan ajaje gaafa beellama jalqabaa dhiyeeffachuu qabu.(keew.137(1))
  - d) Gareen kamuu iyyannoo isaa waliin, beellama jalqabaan dura ykn guyyaa beellama jalqabaa irratti kan hin dhiyeeffanne yoo ta'e sana booda galmee waliin akka wal naaf qabatu naaf haa hayyamamu jedhee iyyachuu hin danda'u. (keew.137(3))
  - e) Ragaaleen dhiyaachuu qaban sababa badii garee tokkootiin ykn sababa gahaa hin taaneen kan hin dhiyaatin hafe yoo ta'e manni murtii battalumatti murtii ni kenna. (keew.256(1))
  - f) Armaan olitti "d" fi "e" irratti kan ibsaman akkuma jirutti ta'ee ragaan barreeffamaa haala addaatiin dhiyaachuu ni danda'a.
1. Manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin ykn iyyannoo garee falmitootatiin sanada barreeffamaa ykn galmee mana murtii biroo irraa akka dhiyaatu ajajuu danda'a. (keew.148(11))
  2. Ragooleen garee falmitootaa kan hin dhiyatihafan sababa cimaa fi gahaadhaan ta'uu manni murtii yoo hubate akkaataa adeemsa fi kisaaraa ilaachisee ajaja barbaachisaa ta'e kennuudhaan guyyaa dhagahaa ni murteessa. (Keew.256(1))
  3. Manni murtii barbaachisaa ta'ee yoo argame ijoo dubpii hundeessuun dura gareen walfalmitootaa ragaa barreeffamaa akka dhiyeessan ajajee qorachuu ni danda'a. (keew.149(1))
  4. Manni murtii adeemsa keessa yeroo kamittuu ragaa barreeffamaa falmichaaf murteessaa ta'e dhiyeessisuun ni danda'a.(keew.164)

5. Ragaan barreeffamaa gaaffii qaxxaamuraa gaafachuuf nu gargaaran ykn ragaa yaadachiisuuf nu barbaachisan dursee dhiyaachuu baatus yeroo dhagahaatti dhiyaachuu danda'a. (keew.137(4)).

### **Qajeelcha Dhaddacha Dhimma Hariiroo Hawaasaa irraa**

#### **2.2. Tooftaa Dhagaha Himannaa**

Guyyaan beellama jalqabaa guyyaa himanni itti dhagahamu dha. Abbaan seeraa himannaa fi deebii akkasumas ragaawwan dhiyaatan qoratee hanqina kan qaban yoo ta'e himannaa osoo hin dhagahin dura akka sirreeffamu taasisuu qaba. Fakkeenyaaaf himannaa ykn deebii keessaa dogoggora bu'uuraa yoo arge dhagahaan dura akka fooyyeffamu ajajuu qaba. Akkasumas ragaan sanadaa guyyaa kanatti yoo hin dhiyaanne sababa itti hin dhiyaatin hafeef qulqulleessee sababni gahaan yoo jiraate guyyaa dhagaha himannaa dabarsuu qaba.

Guyyaa beellama kanaatti shoorri abbaa seeraa ol'aanaa dha. Barmaataan guyyaan dhagaha duraa kun guyyaa falmii afaanii jedhamee beekama. Gareen wal falmitootaa waan himannoo fi deebii isaanii keessatti ibsatani irra deebi'anii yemmuu ibsan ni mul'ata. Haa ta'u malee guyyaan dhagaha himannaa kun guyyaa manni murtii garee walfalmitootaa itti qoratu dha malee guyyaa falmii afaanii akka hin taane hubatamuu qaba.

Manni murtii bitaa fi mirgi dhiyaachuu isaanii erga mirkanoeffatee booda himannaa fi deebii bitaa fi mirgaaf dubbisuu qaba. Ta'us himannii fi deebiin yeroo tokko tokko sababa malee ykn garmalee bal'achuu waan danda'uuf gabaabsanii ibsuun ni filatama.

Manni murtii himatamaan firiiwwan dubbii bu'uuraa kan amanuu fi kan haalu ta'uu isaa gaafachuu qaba. Kanaan ala himannaa fi deebii keessatti qabxii ifa hin taane irratti ibsa gaafachuu qaba. Akkasumas gareen wal falmitootaa garee faallaa irraa waan qulqulleeffachuu barbaadan karaa mana murtiitiin akka gaafatamuuf dhiyeessuu ni danda'u. Manni murtiis gaaffii qabaachuu fi dhabuu isaanii bitaa fi mirga irraa qulqulleeffachuu qaba. Adeemsa dhagaha keessatti gaaffiin dhiyaatuu fi deebiin kennamu akka qaama himannoo fi deebiitti waan

fudhatamuuf sirriitti galmaa'ee taa'uu qaba. Guyyaa dhagaha himannaa kana himatamaan himannoo isa irratti dhiyaate yoo amane battalumatti murtii kennamuu qaba. Ta'us qabxiin bitaa fi mirgi irratti wal dhaban yoo jiraate manni murtii gara ijoo dubbii hundeessuutti deemuu qaba.

### **Garee wal falmitootaa qorachuu**

1. Gareen falmitootaa akka dhiyaataniin manni murtii afaaniin waa'ee sababa falmii fi dhimmoota falmicha waliin rogummaa qaban ilaachisee ni qorata. (keew.241)
2. Himataan dhiyaatee himatamaan dhiyaachuu baatus qorannoон kun himataa irratti raawwachuu qaba.
3. Sadarkaa kanatti garee wal falmitootaa akka itti fakkaatetti kan qoratu mana murtiiti.  
(241(2) Gareen wal falmitootaa afaaniin falmuu kan eegalan bu'uura s/d/f/h/h keew.258tiitiin dha.Yeroo kanattis gareen falmitootaa garee faallaa birootiin akka ifa ta'uuf kan barbaadan yoo ta'e manni murtii akka qulqulleessuuf gaafachuu danda'u.  
(241(2)
4. Himatamaan deebii isaa keessatti ykn guyyaa qoranootti guutummaa guutuutti ykn hanga ta'e yoo amane manni murtii hanga amaname irratti murtii ni kenna (keew.242). As irratti himatamaan waan amaneef qofa himataaf kan murtaa'u akka hin taanee fi manni murtii himannaan dhiyaate bu'uura seeraa qabaachuu isaa fi seerummaan gaafatame seeraan kan maluuf ta'uu qulqulleeffachuu kan qabu ta'uun beekamuu qaba.
5. Qorannoон bu'uura s/d/f/h/h keew.241n taasifamu adeemsa himannaa keessa itti fufuu danda'a. Adeemsa himannaa dhagahuu keessa himatamaan himannaa yoo amanes bu'uura s/d/f/h/h keew.242tiin murtii kennuun ni danda'ama.
6. Manni murtii adabbii yakkaa adeemsa keessatti kennuun dura garee wal falmitootaa gorsuu fi bu'uura keew.480tiin tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu qaba. Adabbiin yakkaa filannoo dhumaan ta'uu qaba.
7. Gareen wal falmitootaa lamaan ykn tokkoon isaanii afaan dhaddachi ittiin gaggeeffamu kan hin beekne yoo ta'e manni murtii nama afaan turjumaanu dhaabuuffii qaba. Namni turjumaanu dursee kakachuu qaba. Jechi inni ittiin kakatus akkuma gabatee s/d/f/h/h irratti ibsametti "hangaa beekumsa kootti falmii mana murtii kanatti dhiyaate dhugumaan nan turjumaana" kan jedhuun ta'uu qaba. Nan kakadha akka hin jenne amantaan nama

sanaa kan dhorku yoo ta'e nan mirkaneessa jechuu danda'a. Macaafa qulqulluu ykn quraana qabatee akka kakatu dirqisiisuun barbaachisaa miti.

8. Himanni dhaddacha ifatti dhagahamuu qaba.Ta'us jirenya dhuunfaa garee wal falmitootaa, safuu hawaasaa fi nageenya biyyattii eeguuf jecha dhaddacha cufaan dhagahuun ni danda'ama.

#### **Qajeelcha Dhaddacha Dhimma Hariiroo Hawaasaa irraa**

## **Mormii Sadarkaa Duraa**

Manni murtii deebii himatamaa keessatti mormiin sadarkaa duraa ka'uu isaa qulqulleeffachuu qaba. Mormiin sadarkaa duraa ka'eera yoo ta'e himataan yaada akka irratti kenu carraa kennaaf. Hanga danda'ametti manni murtii mormii sadarkaa duraa dhiyaate irratti battalumatti ykn yeroo gabaabaa keessatti murtii kennuu qaba.

## **Mormiiwwan sadarkaa duraa irratti dhiyaatan**

1. Manni murtii ragaa osoo hin dhagahin ykn hin qoratin dursee mormii sadarkaa duraa ka'e irratti murtii kennuu qaba. (keew.244(1))
2. Mormiiwwan tokkoo oli yoo ta'an hundinuu yeroo tokkotii wal faana dhiyaachuu qabu. Murtii sirrii kan hin kennisiisne yoo ta'een ala mormiiwwan hundinuu dursee kan hin dhiyaanne yoo ta'e boodarra dhiyaachuu hin danda'u.(keew.244(3))
3. Mormiiwwan kan dhiyaachuu qaban deebii ittisaa waliin malee mormiin dursee dhiyaatee deebiin ittisaa immoo boodarra akka dhiyaatu hayyamamuu hin qabu. Kanaaf deebii guutuu osoo hin dhiyeessin mormii qofa himatamaan yoo dhiyeesse manni murtii bu'uura s/d/f/h/h keew.338tiin fuudhuu dhiisuu ykn sirreessisuu qaba.
4. Himannaan ulaagaa (foormii) barbaachisu hin guutne falmiin jedhu akka mormii sadarkaa duraatti dhiyaachuu hin danda'u. (keew.244(4)) (himannaan ulaagaa barbachisu guutuu fi dhabuu isaa kan qulqulleessu rejistraara waan ta'eef dha)
5. Manni murtii mormii sadarkaa duraa ka'e irratti erga bitaa fi mirga dhagahee booda ragaan qulqulleeffatee bu'uura s/d/f/h/h keew.245n murtii barbaachisaa ni kenna.
6. Mormiin dhiyaate dhimmi himannaan irratti dhiyaate darbiinsa yerootiin daangeffama, dhimma murtii argate, jarsaan ilaalamee araaraan kan xumrame ykn araaraaf kan beellamame ta'uu kan ibsu yoo ta'e fi ragaan kan mirkanaa'e yoo ta'e manni murtii himanna haqee (kuffisee) garee wal falmitootaa ni gaggeessa.(keew.245(2))
7. Kan lakk.6ffaa irratti eerameen ala kan ta'e mormiin yoo dhiyaate fi ragaan yoo mirkanaa'e manni murtii galmee cufee ajaja barbaachisaa ta'e kenna.
8. Haala lakk.7ffaa irratti ibsameen galmeen yoo cufame himataan himanna isaa fooyyessee manuma murtii sanatti ykn kan birootti himannoo isaa dhiyeeffachuu ni danda'a. Akkaataa lakk.6ffaatti himanni yoo haqame garuu dhimma sana irratti himannoo biro dhiyeessuu hin danda'u. (keew.245(3))

9. Manni murtii sababa aangoo hin qabneef galmee yoo cufe bu'uura dambiitiin kanfaltii abbaan seerummaa irraa citee abbaa dhimmaatiif ni deebi'a. (keew.245(4)

### **Qajeelcha Dhaddacha Dhimma Hariiroo Hawaasaa**

#### **Shaakallii**

Dhimmoota miiltoo 1ffaa hanga 3ffaatti jiran bu'uureffachuun himannaa dhagahuu shaakalaa. Shaakalichi ; garee wal falmitootaa qorachuu fi mormiin sadarkaa duraa yoo jiraate irratti murtii kennuu ni dabalata.

#### **2.3.Toothaa itti ijoon dubbii hundeeffamu**

Adeemsa dhimma hariiroo hawaasaa keessatti ijoo dubbii bitaa fi mirgi irratti wal dhaban adda baasuun hojii murteessaa dha. Ijoon dubbii dhimmichi haala kamiin akka qajeelfamu qabu fi ragaan akkamii akka dhiyaachuu qabu murteessuuf humna qaba. Ijoon dubbii murtii kennisiisuuf hin dandeenye ykn faayidaa hin qabne yoo hundeeffame adeemsa irratti rakkoo guddaa uumuu danda'a. Kanaaf, abbootiin seeraa, adeemsa kana keessatti, ijoo dubbii sirrii ta'e hundeessuuf of-eegganno cimaa taasisuu qabu. Ijoon dubbii firii dubbii ykn seera bitaa fi mirgi irratti wal dhaban dha.

Ijoo dubbii bitaa fi mirgi irratti adda bahan hundeessuuf ; himannaa fi deebii, bu'aa qorannoo bu'uura s/d/f/h/h keew.241tiin taasifamee fi ragaawwan dhiyaatan bu'urreffachuun barbaachisaa dha.

As irratti ijoo dubbii yeroo hundeessinu toothaawan (tekiniikota) armaan gadii hordofuun barbaachisaa dha.

1. Firii dubbii ifa godhi. Firiiwan dubbii ifa hin taane hin qabatin.

- ❖ Firiiwan dubbii bu'uuraa bitaa fi mirgi irratti wal amanan adda baasi.---eenyu, maal, yoom, eessatti fi akkamitti. Fkn.
  - ✓ Caamsaa bultii 1 bara 2002 waliigalteen mallatteeffameera.

- ✓ Hojichi waxabajji bultii 1 bara 2001 xumurameera.
- ✓ Abbabaan qorannaah herrega isaa Adoolessa 2 xumureera.
- ✓ Balaan kan qaqqabe onkololessa lama bara 1999 dha.
- ✓ Mana tokko keessa jiraachuun kan hin danda'amne ta'uu lamaan keessaniyyuu irratti waliigaltu.
- ❖ Bitaa fi mirgi kan irratti walii hin galle fo'uu (adda baasuu). Firii dubbii bitaa fi mirgi irratti wal dhaban;
  - ✓ Gara fuulduraatti ragaadhaan kan mirkanaa'u ta'uu danda'a
  - ✓ Garaagarummaa ilaalchaa ta'uu danda'a (Fkn.tilmaama gatii manaa)
- 2. Haala dhimmichaaf murtii dhumaa kennisiisuu danda'uun ijoo dubbii qabadhu. Ijoon dubbii sirnaan qabame fedha garee wal falmitootaa yaada keessa kan galche ta'uu qaba. Manni murtii ijoo dubbii hundeesse irratti bitaa fi mirgi kan irratti waliigalan ta'uu gaafachuu qaba. Garuu ijoo dubbii dhumaa hundeessuun aangoo mana murtii ta'uun dagatamuu hin qabu.

Ijoon dubbii sirnaan hundeeffame filanoowwan hedduu kan kaa'u ta'uu qaba. Fkn;

1. Bitaa fi mirga gidduu waliigalteen jiraa?
2. Waliigalteen jira yoo jedhame bu'uura waliigaltichaatiin itti gaafatamummaan himatamaa maal dha?
3. Waliigalteen hin jiru yoo jedhame maddi walitti dhufeenyi bitaa fi mirgaa maali?
4. Maddi walitti dhufeenyi bitaa fi mirgaa itti gaafatamummaa waliigalteen alaa yoo ta'e itti gaafatamummaan himatamaa maali? Kkf jedhamee filannoona taa'uu qaba.

### **Ijoo dubbii dhimma falmii hundeessuu**

1. Bu'uura s/d/f/h/h keew.241tiin manni murtii bitaa fi mirga erga qoratee booda mormiin sadarkaa duraa yoo jiraate ajaja irratti kennee firii dubbii bitaa fi mirgi irratti walii hin galle hundeessa. (Mormiin sadarkaa duraa dhiyaate himannaa ykn galmeekan hin cufsiisne yoo ta'e)
2. Ijoon dubbii kan hundeeffamu firii dubbii ykn seera gareen tokko amane ykn jira jedhe gareen biroon yoo haale dha.(keew.247(1)

3. Ijoon dubbii hundeeffamu akkuma haala isaatti ijoo dubbii seeraa qofa ykn kan firii dubbii qofa ykn lamaanuu ta'uu danda'a.
4. Himanna tokko irraa ijoon dubbii seeraa, firii dubbii tokkoo oli hundeeffamuu danda'a.(247(3)(4)
5. Ijoon dubbii seeraa fi firii dubbii yoo walfaana qabame dursa ijoo dubbii seeraa irratti furmaatni kennamuu qaba. Manni murtii yoo itti amane hanga firii dubbii seeraa irratti murtii kenuutti ijoo firii dubbii ilaallatu beellamaan tursuu ni danda'a. (247(4)
6. Ijoon dubbii dhimma seeraa qofa irratti kan qabame yoo ta'e battalumatti murtiin kennamuu qaba.
7. Ijoon dubbii kan hundeeffamu ragaan bitaa fi mirgaa osoo hin dhagahamin dursee ta'uu qaba. Ta'us manni murtii barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate ijoo dubbii hundeessuun dura ragaa namaa fi sanada dhiyeessisee qorachuu ni danda'a.(keew.249) Dabalataan manni murtii murtii kenuun dura yeroo kamittuu ijoo dubbii hundeeffame fooyessuu ,jijiiruu ykn haquu ni danda'a.(251)
8. Akka bu'uuraatti ijoo dubbii kan qabatu mana murtiiti. Ta'us manni murtii ijoo dubbii yemmuu qabatu garee wal falmitootaatiif ibsuu fi yaada isaanii dhagahuu qaba.
9. Gama birootiin gareen wal falmitootaa ijoo dubbii irratti waliigalanii mana murtii qabsiifachuu ni danda'u (251). Manni murtichaas bu'uura s/d/f/h/h keew.253tiin gaafficha qoratee ijoo dubbii fudhatee bu'uura sanaan murtii kenuu ni danda'a.
10. Guyyaa himanni dhagahamutti himatamaan deebii isaa osoo hin dhiyeeffatin yoo hafe manni murtii ijoo dubbii hundeessuuf hin dirqamu (246(2). Ta'us manni murtii himanna dhiyaate, ragaa barreeffamaa dhiyaatee fi bu'aa qorannaa bu'uura s/d/f/h/h keew.241n taasifame bu'uureffatee ijoo dubbii hundeessuu danada'a.
11. Ijoon dubbii kan hundeeffamu;(248)
  - a) Dhimmoota himanna fi deebii keessatti tarreeffaman
  - b) Ragaa barreeffamaa bitaa fi mirgi dhiyeessan
  - c) S/d/f/h/h keew.241tiin qorannoo taasifame bu'uureffatee odeeffannoo argame irraa ta'uu danda'a.(Akkuma haala isaatti sadan isaanii ykn lamaan isaanii ykn tokkoo isaanii irraa qabamuu(hundeeffamuu) danda'a)

12. Lakk.11 irratti kan ibsamaniin ala ragaan biroo ni barbaachisa jedhee manni murtii yoo amane ijoo dubbii hundeessuun dura ragaa namaa fi barreeffamaa dhiyeessisee qorachuu ni danda'a.(249)
13. Tilmaama qabeenya falmiif sababa ta'ee irratti mormiin yoo ka'e manni murtii ijoo dubbii qabachuun dura namoota abbootii seeraa bakka bu'anii qabeenyicha tilmaaman muuduu qaba.(250)
14. Qabxiin ykn dhimmi bitaa fi mirga wal falmisiisu kan hin jirre ta'uu manni murtii yoo hubate ragaa dhagahuun osoo hin barbaachisin murtii barbaachisu kennuu qaba.(254)
15. Garuu qabxii irratti gareen wal falmitootaa adda bahan kan jiru yoo ta'e manni murtii ijoo dubbii hundeessee ragaa bitaa fi mirgi sadarkaa duraa irratti dhiyeessanii fi dabalataan bu'uura s/d/f/h/h keew.249n ajaja mana murtiitiin ragaan dhiyaate qofti murteessisuuf gahaa yoo ta'e battalumatti murtii ni kenna.(keew.255)

### **Qajeelcha Dhaddacha Dhimma Hariiroo Hawaasaa**

#### **Gaaffii yaalii**

#### **Himannaa himataan dhiyeesse**

Obbo Adimaasuun Jammaree fi Aadde Zawudituun Nugusee kutaa magaalaa Laaftoo ganda 12/13 keessaa mana lakk.157 ta'e kan Aadde Zawudituun galmaa'ee jiru mana waliinii qabu. Obbo Admaasuu fi Aadde Zawudituun biyya waan gadhiisaniif himatamaan ammaa abbaa fi haati koo badaniiru jedhee waraqaa ragaa dhaaltummaa fudhatee mana seeraan ala dhaalame murteessifatee harkaan gahateera. Kana booda obbo Admaasuun dhiyaatanii waraqaan ragaa dhaaltummaa kennameef sirrii miti jedhanii waan mormaniif waraqaan ragaa dhaaltummaa kennameef haqameera. Kana booda duraa duuba Aadde Zawudituun fi obbo Admaasuun du'aniiru. Himataa fi himatamaa 1ffaan dhaaltota seeraa aadde Zawudituu fi dhaaltota dhaamoo obbo Admaasuu ti. Kutaa magaalaa Laaftoo keessa manni lakk.157 ta'e qabeenya dhaalaa waliiniiti. Qabeenya dhaalaa kana himatamaa 1ffaan himatamaa 2ffaatti waliigaltee Ebla bultii 3 bara 1999 taasifameen dabarseera. Qabeenya dhaalaa waliinii irratti namoonni dhaaluuf mirga qaban hundi fedha isaanii osoo hin ibsin darbuu akka hin dandeenye S/H/H keew.1060/1266 jalatti haala ifa ta'een tumameera. Kanaaf waliigaltichi diigamuu kan qabu waan ta'eef diigamee

manichi harka himataa akka gahu nuuf haa murtaa'u, filannoodhaan waliigalteen sababa diigamuuf yoo hin qabatin himatamaan sababa gurgurtaatiin qr.2,500,000 (miliyona lamaa fi kuma dhibba shan) waan fudhateef qarshiin kun akka qabeenya dhaalaa addaatti kan lakkaawamu waan ta'eef moodela 85niin akka qabamee taa'u naaf haa murtaa'u kan jedhu dha.

Himataan himannaas isaa waliin waraqaa ragaa dhaaltummaa, sanada waliigaltee bittaa fi gurgurtaa fi sanadoota biro wal qabsiisee dhiyeesseera.

### **Deebii himatamaa 1ffaan kenne**

Deebii himatamaa 1ffaan waxabajji bultii 13 bara 2001 barreessee dhiyeesse gabaabinaan;

- Abbaan koo obbo Admaasuun fi Haatikoo Aadde Zawudituu(warri du'an) qabeenya waliinii hin qaban, manni falmiin irratti ka'es qabeenya haatikoo, Aadde Zawudituu, gaa'ilaan dura horattee fi kan dhuunfaa isheeti.
- Abbaan koo manichi kan isaa waan hin taaneef dhaamoodhaan dhaalchisuuf hin danda'an.
- Waraqaa ragaa himataan Aadde Zawudituu dhaaluuf argate irratti himataan qabeenya Aadde Zawudituu irraa mirga hin qabu jedhamee mormiin dhiyaatee mana murtiitiin dhorkamee waan jiruuf himataan mirga qabeenya hin mirkanooofne irratti himannaas waan dhiyeessaniif kufaa ta'uu qaba.
- Himataan qabeenya waliinii jechaa guutummaa guutuutti akka gadhiifamuuuf gaafachuun isaa sirrii miti.
- Mana qabeenya haadhakoo ta'e bara 1985 eegalee wagga sagaliif baasii dhuunfa ko fi liqii nama biroo irraa fudhee bara 1994 mootummaa gadi naaf lakkiseera. Yeroo kanatti gargaarsa tokkollee osoo naaf hin godhin erga manichi wagga ja'aaf hanga bara 1999tti to'anno koo jala turee booda kanan gurgure waan ta'eef akka diigamu gaafachuuf mirga hin qabu waan ta'eef himanni kufaa ta'uu qaba.
- Himataadhaaf filannoodhaan sababa itti qarshiin miliyona lamaaf kuma dhibba shan kennamuuf hin jiru, sababa itti moodela 85n qabamuuffis hin jiru.
- Himataan aangoon qabeenya dhaalaa qulqulleessuu dhaamoon naaf kennameera kan jedhan dhaamichi seeraan ala waan ta'eef fudhatama hin qabu.

- Himataan gaheen dhaala koo naaf haa kennamu kan jedhan yoo ta'e qabeenyicha gadi lakkisiisuuf qr.60,000 (kuma jaatama) waanan baaseef kun naaf herregamuu qaba kan jedhu dha.

Himatamaan kun ragaa sanadaa deebii isaanii waliin wal qabsiisanii dhiyeeffatan hin qaban.

### **Deebii himatamaa 2ffaa**

Himatamaa 2ffaan waxabajji 13 bara 2001 barreessee deebii dhiyeesseen,himatamaa 1ffaan mana maqaa isaaniitiin galmaa'ee jiru gurguruuf kan qophaa'an ta'uwaan ibsaniif, manni kun maqaa himatamaa 1ffaatiin galmaa'ee kan jiruu fi idaa fi dhorkarraa bilisa ta'uun isaa mirkanaa'ee waajjira galmeessa sanadaa fi ragaatiin mallatteffamee maqaan manichaa maqaa kootti kan galmaa'ee waan ta'eef himanni dhiyaate fudhatama hin qabu jedheera.

Himatamaa 2ffaa deebii isaa waliin sanadoota adda addaa wal qabsiisee dhiyeesseera.

Himanna fi deebii bitaa fi mirgaa erga dubbiftee booda ijoo dubbii bakka armaan gadii irratti baasi sana booda ijoo dubbii gara gadiitti taa'e waliin madaali.

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

---

## **Ijoo dubbii**

Manni murtichaa dhimmicha irratti murtii kennuuf ijoo dubbii armaan gadii qabateera.

1. Mana falmiif sababa ta'e irraa himataan mirga qabaa?
2. Himataan mana falmiif sababa ta'e irraa mirga qaba kan jedhamu yoo ta'e waliigalteen himatamaa 1ffaa fi 2ffaa gidduutti raawwate diigamuu qabaa?
3. Waliigalteen diigamuu hin qabu yoo jedhame qarshiin itti manni gurgurame qarshiin 2,500,000(miliyonni lamaa fi kumni dhibba shan) himataa dhaaf kennamuu qaba?

## **Shaakallii**

Dhimmoota miiltoo tokkoo hanga torbaatti tarreffaman ilaaluun ijoo dubbii isaanii baasaa.

## Kutaa 3

### Falmii Dhaga'uu

#### Kaayyoo kutaa kanaa

#### Dhuma kutaa kanaa irratti leenjitoonti

- ✓ Mala dhaga'a falmii walitti qabamaa ta'e ni hubatu.
- ✓ Deemsa dhagaha falmii ni ibsu.
- ✓ Barbaachisummaa haasawa seensaa fi cufiinsaa ni hubatu.
- ✓ Falmii Hogganu
- ✓ Fedha addaa falmitoota ofii isaaniitiin falmanii ni hubatu.
- ✓ Falmii gaggeessa dhimmoota wal xaxoo ta'anii ni hubatu.

#### 3.1. Mala dhaga'a falmii Hariiroo Hawaasaa walitti qabamaa ta'e

Seerri deemsa falmii Hariiroo Hawaasaa deemsa falmii dhimmoottaa walitti qabamaa (Concentrated) ta'e tumeera. Keessattuu ragaa dhaga'uun erga jalqabamee addaan cicciituu akka hin qabnee fi ragaa dhaga'uun guyyaa tokkotti kan hin xumuramne yoo ta'e bulchanii beellamuudhaan xumuramuu akka qabu tumaa keewwata 197(3) irraa ni hubatama. Akkasumas bitaa fi mirgi ragaa barruu kan dhiyeessan yoo ta'e iyyannoo isaanii waliin akka S/D/F/H/H/kew.223 ajajutti dursee kan hin dhiyaanne yoo ta'e yookaan guyyaa dhagahaaf beellamametti yoo hin dhiyaatiin booda irratti dhiyaachuu akka hin dandeenye tumaa keewwata 137 irraa ni hubatama. Kana waan ta'eef manni murtii gara sadarkaa dhagaha dhimmaatti yommuu galu ragaaleen hunduu erga walitti qabamanii booda akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Kunis garee falmitootaa gidduutti ragaanii fi falmiin keessummaa ta'e osoo hin uumamiin dhimmicha yeroo gabaabaa keessatti fala kennuudhaaf ni gargaara. Ragooleen falmii tokko irratti dhiyaatan yeroo hundumaatti jijiiramaa fi dabalamaaakkuma dhufaniin falmiin ijoo bu'uuraa irratti dhiyaate irraanfatamaa akka deeman, dhimmichis akka dheeratu, wal xaxaa fi kallattiin isaa bade akka godhu ifa dha. Kuni immoo dhimmichi yerootti fala akka hin arganne kan godhu dha.

Kan biraan dhagaha ragaa waliin wal qabatee wanti ka'u ragaa jalqabuu kan qabu eenu dha kan jedhu dha. Akka S/D/F/Y tti yoom iyyuu hubachiisuu kan jalqabu himataa Abbaa Alangaa yoo ta'u deemsi kun S/D/F/H/H keessatti yeroo hunda kan hojjetu miti. Fakkeenyaaf Himatamaan firii dubbii himataan dhiyeesse amanee firii dubbii haaraa kan himataan hin kaasne kaasuudhaan kan falmu yoo ta'e ragaa dhageessifachuu kan qabu himatamaa ta'a. (kew.259-261). Manni murtichaa ragaa erga dhaga'ee booda battaluma yookaan yeroo gabaabaa keessatti murtii kennuu qaba.(kew.180).

Karaa biraatiin dhiyeessa ragaa irratti yeroo hunda kan jalqabu himatamaa akka hin taane seerri deemsaa falmii ifa godha. Fakkeenyaaf himataan tokko konkolaataa himatamaadhaan rukkutamee miidhaan waan na irraan ga'eef beenyaan naaf haa kaffalamu jechuun himanna dhiyeessee himatamaan immoo himataan konkolaataa isaatiin itti bu'amuu amanee miidhaan kan ga'e balleessaa himataadhaan ta'uu ibsee yoo falme dhimma kana irratti dhiyeessa ragaaf jalqabuu kan qabu himatamaa dha. Himataan konkolaataa himatamaadhaan rukkutamuu mirkaneessuu qaba ture. Haata'u malee himatamaan kan amaneef waan ta'eef qabxii kana hubachiisuun irraa hin eegamu. Ta'us himatamaan balleessaa himataa erga mirkaneessee booda himataan balleessaa kan hin qabne ta'uu mirkaneessuu tu irraa eegama. Kana waan ta'eef dirqamni mirkaneessuu haala kanaan kan wal jijiiru ta'a. Dirqamni dhimmicha irratti amansiisuu garuu yeroo hunda iyyuu kan himataa ta'a.

Qabxiin biraan deemsaa dhagaha falmii waliin wal qabatee ka'uu qabu seerri deemsaa falmii keenya deemsaa walitti qabame kan kaa'e ta'u illee qabatamatti garuu deemsii falmii kan bittinnaa'edha. Ragooleen guyyaa beellamaa garaagaraatti harca'aa dhiyaatu. Seerri deemsaa falmii Hariiroo Hawaasaa keenya sirna beellamaa cimaa ta'e hordofa. Kanas tumaalee keewwata 192-199 jiran irraa hubachuun ni danda'ama. Keessattuu Abbootiin Murtii fi Abukaatotni tumaalee kana ni ilaalu jechuun nama rakkisa. Abukaatotni yookaan gareen falmitootaa yoo hafan beellamni yoo kennamu ni mul'atu. Ta'us hojimaatni akkasii seerichaan ifatti dhorkamee jira (kew.197(4)).

Seerri deemsaa falmii Hariiroo Hawaasaa kew.194(2) wanti tokko akka raawwatamu yeroon kennameef yeroo sani keessatti yoo hin raawwatamiin yoo hafe sababa cimaan yoo mudate malee yeroon biraan kennamuu akka hin dandeenye tuma. Fakkeenyaaf himatamaan deebii isaa akka dhiyeessu yeroon kennameef yeroo kenname keessatti deebii isaa yoo hin dhiyeessine sababa cimaa yoo dhiyeesse malee deebii isaa akka dhiyeessuuf hayyamamuuf hin qabu. Ta'us

yeroo hedduu abbootiin murtii murtii beellamaa fi yeroo irratti salphisani ilaluu. Keessumattuu Deemsa dhimma Hariiroo Hawaasaa kan murtaa'u falmii bitaa mirgaa irratti waan ta'eef bitaa fi mirgi hanga waliigalanitti manni murtii gidduu seenuu hin qabu; keessattuu ilaalchi gareen balleessaa ta'e garee isa kaaniif kasaaraa hanga kaffalletti rakkoo hin qabu jedhu abbootii murtii biratti ni mul'ata. Hojimaatni kun mala hoggansa dhimmootaa ammayyaa'aa ta'e waliin kan walitti bu'udha. Biyyoota garaagaraatti harkifanna dhimmootaa sababa tokko ta'ee kan fudhatamu gareen falmitootaa dhimmoota hogganuu isaanii ti. Ilaalchi amma jiru garee falmitootaa to'achuudhaanii fi jabeessee qabuun kallattii qabsiisuu kan qabu Abbaa Murtii ti. Hoogganaa dhimmichaa ta'uu kan qabu abbaa murtii ti. Keessumattuu gareen falmitootaa dhimma tokko irratti faallaa kanaa kan hojjetan waan ta'eef (jechuunis tokko mo'achuuf kaan immoo mo'amuu dhabuuf) hoggansa abbaa murtii malee dhimmicha ariitii barbaadamee fi kallattii barbaadametti deemsisu jechuudhaaf rakkisu.

### **Haasawa seensaa**

Seerri deemsa falmii gareen himannicha jalqabuuf mirga qabu haasawa seensaa gochuudhaan ragoota dhageessifachuu akka qabu tuma. Keessattuu bitaa mirgi firee dubbi fi seera irratti qabxiwwan irratti waliigaluu danda'an kaasuudhaan falmii gochuun irraa eegama. Ta'us muuxannoodhaan kuni yoo raawwatamu yeroo baay'ee hin mul'atu.

Biyyoota birootti :-

- Haasofni seensaa deemsa falmii keessatti boqonnaa murteessaa ta'ee fudhatama.
- Haasofni seensaa deemsa dhiyaatinsa ragaaf (road map) ifatti argisiisa.
- Ragooleen dhiyaatanii yommuu dhaga'amanii fi ragooleen biraam yommuu qoratamanitti suuta suutaan fi addaan ciccitem waan ta'uuf haasawni seensaa sirnaan taasifame fakkaattii guddaa ragoolee (bigger picture) abbaan murtii akka ilaalu godha.
- Qorannoo taasifameen abbootiin murtii ragooleef hiikkaa kan kennan haasawa seensaa bu'ureffachuudhaani dha.
- Haasawni seensaa falmii garee faallaa laaffisuu danda'a.

Haasawni seensaa qabamuu kan qabu

1. Dhimmicha mana murtii fi Abbaa murtiidhaaf beeksisuu

- ✓ Haasawni seensaa akka beeksisa fiilmii tokkootti (preview) lakkaa'amuu danda'a.
- ✓ Seenaan dhimmicha gabaabinaan (birds eye view) argisiisuu
- ✓ Dhimmicha irratti xiyyeefannoo kennuu kan barbaachisu (theme of the case) argisiisuu
- 2. Abukaatotni mana murtichaa waliin wal ta'insa uumuu
- ✓ Manni murtii dhimmicha waliin akka wal baru gochuu, akka of beeksisu gochuu
- ✓ Amanamummaa, kan itti yaadu ta'uu, beekumsa isaa, Yaada gaarii argisiisuu kan kana fakkaatan (jallinni, odeessituu ta'uun, arrabsuun kan kana fakkaatan yaada abbaa murtii irratti ilaalcha addaa uumuu danda'a.)
- ✓ Haasawni seensaa seensa, kutaa bu'uuraa fi guduunfa qabaachuu qaba.

Haasawa seensaa irratti ga'ee Abbaa Murtii

- ✓ Haasawa seensaaf yeroo gahaa ta'e ramaduu, kanas garee falmitootaaf dursee beeksisuu.
- ✓ Hanga danda'ameen haasawa gidduu seenuu dhiisuu
- ✓ Haasawni seensaa galmaa'uu isaa mirkaneessuu.

### **Ragoota namaa dhaga'uu**

Deemsa falmii keessatti qorannoon ragootaa bakka guddaan kan kennamuufidha. Kanaafuu Abbootiin murtiidhaas ta'e gareen falmitootaa haala raawwii isaa irratti xiyyeefannoo addaa kennuuf qabu. Abbootiin murtii hanga danda'ameen deemsa ragaan dhaga'amu irratti gidduu galuu hin qabani. Muuxannoodhaan qorannoon ragootaa guutummaan guutuutti Abbootii murtiidhaan kan raawwatu yoo ta'u kuni seera deemsaa kan cabsu waan ta'eef eeggannoo gochuun barbaachisaa dha. Keessumattuu gareen falmitootaa Abukaatoodhaan kan bakka bu'an yoo ta'e qoranno ragootaa guutummaan guutuutti ogeessotaaf dabarsuu fi Abbaan murtii haalota muraasa ta'an qofa irratti gaaffii gaafachuu qaba.

Dirqamni Abbaa Murtii

- ✓ Ragootaaf waa'ee deemsa falmii ibsa kennuu
- ✓ Ragoootni akka tasgabba'anii ragan gochuu
- ✓ Gaaffilee ragaan akka aaru godhan fi irra deddeebi'an akka dhaabbatan gochuu.
- ✓ Gaaffii duraa keessatti gaaffiin qajeelchaa akka hin gaafatamne gochuu.
- ✓ Ragoota ogeessaa hin taane yaada akka kennan gaaffii dhiyaatu dhaabsisuu.

- ✓ Gaaffilee qaxxaamuraa dhimmoota gaaffii duraa keessatti hin kaane irratti dhiyaatan dhaabsisuu
- ✓ Gaaffilee qulqulleessaa gaafachuu dha.

## **Haasawa cufiinsa falmii**

Haasawni cufiinsa falmii ragaan bitaa mirgaa erga dhaga'amee booda gareen falmitootaa waa'ee dhimmichaa irratti seeraa fi firii dubbii irratti ejjennoo qaban ilaachisee yaada waliigalaa kan itti dhiyeessani dha. Namootni dandeettii wanta dhuma irratti dhaga'an yaadachuu waan qabaniif deemsi kun murteessaa dha. Qajeeltoowwan fi gochootni haasawa seensaaf kaa'aman haasawa guduunfa falmii irrattis hojii irra oolfamuu qabu.

### **Falmii Dhaga'uu fi ragoota qorachuu**

Sadarkan kun bakka deemsi falmii muummichi itti gaggeeffamu dha. Gochootni gurguddaan sadarkaa kanatti raawwataman;

1. wal falmitootni falmii isaanii dhageessifatu. Ragoota isaaniis dhiyeessanii dhageessifatu.
2. Wal falmitootni adda durummaan Manni Murtii immoo sadarkaa lammaffaa irratti ragoota qoratu. Manni murtii jecha ragootaa galmeessa.
3. Manni murtii himanna fi ragaa irratti hundaa'ee murtii kenna.

### **Waa'ee ragootaa**

1. Wal falmitootni falmii barreffamaan dhiyeessan yookaan falmii afaanii fi iyyannoo isaanii yookaan ragaan barruu gaafa dhaga'a duraa dhiyeessan akkasumas ragaalee namaa fi barreffamaa manni murtii osoo ijoo dubbii hin qabiin dhiyeessisee qorate dhimmicha murtii kennuudhaaf gahaa yoo hin taane manni murtichaa naqaashota gareen falmitootaa akka s/d/f/s/kewwata 223 tti tarreessan dhiyaatanii akka dhaga'aman ajaja.
2. Gareen lameenuu tarree ragaan dhiyeessanii yoo ta'e ragaan garee lameenii iyyuu guyyaa tokkotti akka dhiyaatan ajajamuu qaba.

3. Ragaan dhiyaachuu qabus kan gareen falmitootaa iyyannoo isaanii irratti tarreessan hunda osoo hin taane firiwwan dubbii ragaa barruudhaan hin mirkanoofnee fi kanneen qorannoo akka keewwata 241 tti gareen falmitootaa kan irratti walii hin galle irratti ragoota mirkaneesuu danda'an ta'uu qabu.
4. Gareen falmu tokko ragaa gareen biraan dhiyeesse gaaffii qaxxaamuraa dhiyeessuun qorachuuf mirga waan qabuuf hanga danda'ameen ragootni qaamaan mana murtiitti dhiyaatanii jecha isaanii kennuu qabu (kew.261(3)).
5. Armaan olitti lakkoofsa 4 irratti kan caqafame akkuma jirutti ta'ee manni murtichaa haalawwan muraasa ta'an irratti fala ta'a jedhee yoo itti amane mana murtii bakka bu'uudhaan ragaa kam iyyuu kan funaanu yookaan bakka bu'aa abbaa murtii kan ragaa qoratu moggaasuu danda'a.(kew.122-135). Akkasumas ogeessi addaa (eksipartiin)qorannoo barbaachisaa godhee bu'aa qorannoo isaa yeroo kaa'ametti(murtaa'etti) akka dhiyeessu illee ajajuu danda'a.(keew.136).
6. Dabalataanis haalota muraasa ta'an irratti ragichi mana murtiitti osoo hin dhiyaatiin jecha kakuu akka kennuu fi jechi isaa dhaddachatti dubbifamee akka dhaga'amu gochuu danda'a.(keew.203-206)

### **Ragootaaf waamicha erguu**

1. Haala olitti lakkoofsa 5 fi 6 irratti ibsameen alatti ragaan mana murtiitti dhiyaatee dhaga'amuu qaba.
2. Ragootni garee lameenii akka dhaga'amaniif itti amaname yeroo tokko waliin akka dhiyaatan waraqaan waamichaa isaan ga'uu qaba. Akkaataa itti waamichi itti ergamu haala keewwata 111 hanga 121 jalatti kaa'ameen kan raawwatu ta'a.
3. Iyyataanis waraqaan waamichaa osoo hin gaafatiin ofumaa ragoota dhiyeessuu danda'a. kew.111.
4. Gareen waraqaan waamichaa gaafatu waraqaan waamichaa osoo hin fudhatiin dura qarshii gatii geejjibaa fi durgoo ragootaaf ta'u hanga isaa manni murtii murteessu akka kaa'uu qaba. Dirqama kana osoo hin bahiin waraqaan waamichaa kennamuuf hin qabu.(keew.212 fi 213).
5. Nama jecha ragummaa isaa akka kennuu yookaan ragaa baruu akka dhiyeessuuf waamichi godhamuuf waraqaan waamichaa irratti sababa itti waamame, sa'atii fi guyyaa itti dhiyaachuu qabu, bakka, jecha ragummaa akka kennuu yookaan ragaa sanadaa akka dhiyeessuuf yookaan lamaan isaaf iyyuu ta'uu ibsamuuf qaba. (114).

6. Namni jecha ragummaa isaa akka kennuuf osoo hin taane ragaa barruu qofa akka dhiyeessu ajajame ragichi mana murtii akka gahu kan godhe yoo ta'e ofii dhiyaachuuf hin dirqamu.(keew.115)
7. Tumaaleen waa'ee waamicha himatamaa ilaallatan (kanneen keewwata 103-105 jalatti kaa'aman irraa kan hafe) waamicha ragaadhaaf kennamu irratti raawwatiinsa qabaatu (116).
8. Waraqaan waamichaa yeroo ergamu namni waamichi godhameef gaafa guyyaa beellamaatti qaqqabachuu akka danda'uuf yeroo qophaa'ee deemuuf isa gahu jedhamee tilmaamamu keessatti dhiyaachuu akka danda'utti ta'uu qaba.
9. Namni waraqaan waamichaa ergameef sababa waraqaan waamichaa isa hin dhaqabiin kan hafe yookaan ragaa barreffamaa isaa osoo hin dhiyeessiin yoo hafee fi dhiyaachuun ragichaa yookaan ragaan barreffamichaa barbaachisaa yoo ta'e abbaan dhimmaa kasaaraa barbaachisaa ta'e kaffalee waraqaan waamichaa kan biraak akka dhaqabuuf ajajamaaf ( keew.118(2)(A)).
10. Namni waamichi godhameef waraqaan waamichaa isa dhaqabee sababa gahaa malee kan hafe yoo ta'e yookaan akka isa hin dhaqabne ta'ee jedhee kan dhokate yoo ta'e dirqamee yookaan hidhamee akka dhiyaatu manni murtichaa ajaja (keewwata 118(2)(B)). Dabalataanis akka seera Adaba yakkaa keewwata 442 tti yakkaan adabuu danda'a. (keewwata 118(3) fi 481).
11. Guyyaa dhimmicha dhaga'uuf beellamametti ragaan garee lameenii guutanii dhiyaachuu qabu.

### **Ragootni guutanii dhiyaachuu dhabuu**

1. Ragaan garee lameenii iyyuu yoo hin dhiyaanne yookaan ragootni walakkaan qofti yoo dhiyaatan (waraqaan waamichaa akka dhaqabu kan ajajame akka kew.95(1) ajajutti kan waraqaa waamichaa dhaqabsiisuu osoo hin taane abbootiin dhimmaa ofii isaanii akka dhaqabsiisan yoo ajamee fi dhimmicha irratti dursa falmii kan jalqabuu fi ragaa dhiyeeffachuu qabu himataa yoo ta'e
  - 1.1. Naqaashotni garee lameenii yoo hin dhiyaatiin;
    - A. Balleessaa garee lameeniin yoo ta'e ragaa galmicha irra jiruun murtiin kennama yookaan galmeen cufama malee ragaaleen akka dhiyaatan beellamni biraak kennamuu hin qabu. (kew.196 fi 199).

- B. Ragooleen namaa himataa kan hafan sababa balleessaa himataatiin yoo ta'ee fi kan himatamaa immoo sababa rakkoo humnaa ol ta'een yoo ta'e ragaa himataa dhaga'uuf beellamni jijiirraa kennamu hin qabu. Galmicha cufuu yookaan murtii barbaachisaa kennuu yookaan ragooleen himataa dhaga'amuu baatan illee ragoota himatamaadhaan wantootni qulqullaa'uu qaban yoo jiraatan ragoolee himatamaa qofa dhaga'uun murtii barbaachisaa kennuu.
- C. Ragooleen himataa kan hin dhiyaatiin sababa rakkina humnaa ol ta'een yoo ta'ee fi kan himatamaa sababa balleessaa himatamaadhaan yoo ta'e ragoolee himataa qofa dhaga'ee ajaja barbaachisu yookaan murtii barbaachisaa ta'e kenna. Ragooleen himatamaa akka dhiyaataniif beellamni bira hin kennamu.

1.2. Naqaashotni himataa osoo hin dhiyaatiin Naqaashotni himatamaa muraasni yookaan hundinuu yoo dhiyaatan;

- A. Ragooleen namaa himataa kan hin dhiyaatiin hafan sababa rakkina humna isaa ol ta'een yoo ta'e ragooleen akka dhiyaatan beellama jijiirraa kennuu fi akkasumas ragoolee himatamaa deebisuu fi guyyaa beellama itti aanutti akka dhiyaatan ajajuu. Ragoota himatamaa fi himatamaaf kasaaraa gahaa murteessuu.
- B. Sababa balleessaa himataadhaan yoo ta'e beellamni hin kennamu. Himannicha cufuu yookaan murtii barbaachisu kennuu dha. Naqaashotni himataa yoo dhaga'amuu baatan illee ragoolee himatamaadhaan wantootni qulqullaa'uu qaban yoo jiraatan ragoolee himatamaa qofa dhaga'uudhaan murtii barbaachisu kennuu.

1.3. Naqaashotni himataa muraasni dhiyaatanii kan himatamaa immoo guutummaatti yookaan walakkaan yoo dhiyaatan;

- A. Sababa rakkina humnaa ol ta'een yoo ta'e ragoolee himataa dhiyaatan dhaga'uu . Warri hafan dhiyaachuun dirqama barbaachisaa yoo ta'e akka dhiyaatan beellama bira kennuu. Ragooleen himatamaa immoo akka beellama itti aanutti dhiyaatan itti himuun akka deebi'an ajajuu. Dhamaatii himatamaa fi ragaa isa irra gaheef kasaaraa gahaa ta'e murteessuu.

B. Sababa balleessaa himataadhaan yoo ta'e ragooleen dhiyaatan qofa dhaga'uu. warri hafan akka dhiyaatan beellamni biraan hin kennamu. Naqaashotni himataa dhaga'aman bu'uura himanna dhiyaateen kan hin mirkaneessine yoo ta'e himannicha cufuu yookaan murtii barbaachisaa ta'e kennuu. Naqaashotni dhaga'aman qofti yoo mirkaneessan yookaan yoo mirkaneessuudhaa baatan illee dhimmoota tokko tokko qulqulleeffachuudhaaf ragaa himatamaa dhaga'uun barbaachisaa ta'ee yoo argame dhaga'uu.

1.4. Ragooleen namaa himataa hundinuu dhiyaatanii kan himatamaa yoo hin dhiyaatiin hafan;

- A. Sababa hanqina himatamaadhaan yoo ta'e kan himataa qofti dhaga'amee murtiin barbaachisu kennama. Ragoolee himatamaa dhaga'uuf beellamni kan biraan hin kennamu.
- B. Sababa balleessaa himatamaadhaan yoo hin taane sababa humnaa oliin yoo ta'e ragoolee himataa dhaga'uudhaan ragoota himatamaadhaaf beellama biraan kennuu. Dhamaatii himataa irra gaheef himatamaaf kasaaraa gahaa ta'e akka kaffalu ajajuu.

1.5. Ragooleen namaa himataa hundinuu dhiyaatanii ragooleen himatamaa immoo walakkaan qofti yoo dhiyaatan;

- A. Balleessaa himatamaadhaan taanaan ragooleen himataaa erga dhaga'amanii booda akkaataa himanna dhiyaateen yoo mirkaneessan ragoolee himataamaa dhiyaatan qofa dhaga'uu. Warri hafan akka dhiyaatan beellamni biraan hin kennamu.
  - B. Sababa rakkina humnaa oliin yoo ta'e ragooleen himataa qofti erga dhaga'amnii booda bu'uura himanna dhiyaateen yoo mirkaneessan ragoolee himatamaa dhiyaatan dhaga'uu. Ragooleen himatamaa hafan dhiyaachuun isaanii murtii haqa qabeessa kennuudhaaf baraachisummaan isaanii yoo itti amaname warra dhiyaatan dhaga'uun warri hafan immoo guyyaa beellama biraatti akka dhiyaatan beellama biraan kennuu. Beellamni erga kennamee dhamaatii himataa irra gaheef himatamaan kasaaraa gahaa ta'e akka kaffalu ajajuu.
2. Manni murtichaa haqaaf dirqama barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate ragaan hin dhiyaatiin hafe akka ragaa dabalataatti akka dhiyaatuuf ajajuuf haalli olitti lakkoofsa tokko irratti ibsame kan dhorku miti.
3. Ragichi balleessaa abbootii dhimmaatiin osoo hin taane waraqaan waamichaa qixa sirriidhaan erga isa ga'ee diddaadhaan yoo ta'e keewwata 118(2) jalatti kan tumame raawwatiinsa qabaata.

4. Ragootni guutani yoo dhiyaatan yookaan gartokko qofti yoo dhiyaatan illee manni murtii warri dhiyaatan akka dhaga'aman kan murteesse yoo ta'e ragoota qorachuun itti fufa.
5. Manni murtii ragoota dhiyaatan guyyaa tokkotti dhaga'ee xumuruu yoo dadhabe ragoota hunda dhaga'ee hanga xumurutti guyyaa guyyaatti beellama bultii kennuudhaan hojii isaa raawwachuu qaba malee beellama dheeraa kennuu hin qabu. (Keew.197(3)).

## **Jalqabbii Falmii wal falmitootaa fi ragoota qorachuu**

### **1. Waa'ee Himanna banuu fi mirga falmii jalqabuu**

- 1.1. Mirgi himanna banuu fi falmii jalqabuu kan himataa ti. Haata'u malee himatamaan himanna himataan dhiyesesse amanuun seera yookaan firii dubbi kan biraa caqasuun himanni na irratti dhiyaate fudhatama hin qabu jedhee kan falmu yoo ta'e falmii kan jalqabu himatamaa ta'a.(258(1)).
- 1.2. Gareen falmii jalqabu jecha/haasawa seensaa erga godhee fi qabxii ragootni raganiif gabaabinaan erga hubachiisee booda ragaa deeggaru dhiyesesee dhageessiifata.(259(1)).
- 1.3. Gareen himanna jalqabu ragaa isaa dhageessifatee erga xumuree booda gareen inni biraa jecha ittisa isaa erga dhageessifatee fi qabxii ragooleen ittisaa isaa irraa ittisan gabaabinaan erga ibsatee booda ragaa ittisaa isaa dhiyeeffatee dhageessifata.(keew.259(2)).

### **2. Akkaataa ragaan itti dhiyaatu.**

- 2.1. Ragaan namaa jecha ragummaa isaa kennuudhaan duratti jecha kakuu yookaan jechi ragummaa inni kenu dhugaa ta'uu isaa jecha mirkaneessu kennuu qaba (261(1)).
- 2.2. Jechi kakuu inni kennus bifa gabatee seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa irratti ibsameen “Jechi mana murtii kana duratti kenu dhugaa, guutummaatti dhugaa, dhugaa malee kan biraa akka hin taane nan kakadha” kan jedhu ta'uu qaba. Naqaashichi “nan kakadha” jechuudhaaf amantaan isaa kan isa daangessu yoo ta'e bakka nan kakadha jedhutti “nan mirkaneessa” yoo jedhe gahaa dha. Naqaashiin Macaafa Qulquluu yookaan Quraana qabatee akka kakatu dirqisiisuun barbaachisaa miti.

2.3. Garee falmitootaa keessaa waa'ee mataa isaa jecha ragummaa kennuu kan barbaade raguu danda'a. Kan ragaa bahus dhugaa akka dubbatu erga kakatee yookaan mirkaneessee booda ta'u qaba.

2.4. Gareen ragaa dhiyeessee ragoota ofii gaaffii duraa (examination in chief) dhiyeessuudhaan qorata. Gaaffii duraa keessatti gaaffiin qajeelchaa hin hayyamamu. Ta'us mana murtii hayyamsiisuun gaaffii qajeelchaa gaafachuun ni danda'ama. (keewwata 263(1)(2)).

2.5. Gaaffiin gaaffii duraa keessatti dhiyaatu ijoo dubbii kan ilaallatuu fi ragichi kallattiidhaan karaa biraadhaan kan beeku yookaan wanta beekuu danda'u irratti qofa dha.(263(1)).

2.6. Gareen ragicha dhiyeesse gaaffii duraa dhiyeessee erga xumuree booda gareen faallaa immoo gaaffii qaxxaamuraa dhiyeessuun ragicha qorata. Gaaffiin qaxxaamuraa keessatti dhiyaatu jechi ragummaa ragichi gaaffii duraa keessatti kenne kan dogoggore, soba kan jechisiisu qabxii shakkisiisaa ta'uun isaa tilmaamsisu mana murtii hubachiisuu fi dha. Kanaafuu gaaffii qaxxaamuraa keessatti qabxii gaaffii duraa keessatti ka'e waliin kan walitti hin dhufne yookaan gara sanitti hin qajeelchine gaafachuun hin danda'amu. Ta'us yeroo gaaffii qaxxaamuraa ragaa qajeelchuun ni danda'ama. (keewwata 263(3)).

2.7. Gaaffiin qaxxaamuraa erga xumuramee booda gareen dura gaafate gaaffii qulqulleessaa gaafata. Gaafii qulqulleessaa keessatti qabxiin gaaffii qaxxaamuraa keessatti hin kaane waliin walitti hin dhufne yookaan gara sanitti hin qajeelchine gaafachuun hin danda'amu. Kan gaafatamus jecha ragichi gaaffii qaxxaamuraa keessatti kenne ifa akka ta'uuf qofa dha. (kew.263(4)).

2.8. Hojiin ragaa qorachuu adda durummaan kan abbootii dhimmaa ta'u illee manni murtii dhimmicha qulqulleessuudhaa fi falmicha murteessuuf barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate yeroo kamitti iyyuu ragicha gaafachuun danda'a.(keewwata 261(4)).

2.9. Haala gaaffiin qaxxaamuraa gaafatamu irratti mormiin yoo ka'e manni murtii mormicha osoo hin fudhatiin gaaffiidhaaf deebiin akka kennamu kan ajaje yoo ta'e gaaffii mormiin irratti dhiyaate, deebii kenname, maqaa nama mormicha dhiyeessee, murtii mormichi ittiin kufaa ta'e galmeessuu qaba. (keew.270).

2.10. Naqaashiin abbaan dhimmaa tokko dhiyeesse deebi'ee isuma irratti yoo rage abbaan dhimmaa sun jechichi akka hin galmoofne, ragichis jecha isaa kennuu akka dhaabu mana murtii gaafachuu hin danda'u. Gaaffiin yoo dhiyaates manni murtichaa gaaffii isaa kana osoo hin fudhatiin jecha ragichaa galmeessuu qaba. Abbaan dhimmaa sun gaafficha yoo dhaabe illee manni murtichaa barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate ragicha qorachuu itti fufuu danda'a.

2.11. Jechi ragummaa ragichi kenne afaan dhaddachi ittiin gaggeeffamuun osoo hin taane afaan biraatiin yoo ta'e namni afaan hiiku ni ramadama. Namni afaan hiikus afaan hiikuu osoo hin jalqabiin jecha kakuu yookaan jecha qixa siirriidhaan kan hiiku ta'uu isaa mirkaneessu kennuu qaba. Jechi kakuu kunis bifa foormii gabatee seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa irratti ibsameen "Mana murtii kanatti ragaa natti kennamu dhugaadhaan fi hanga dandeettii koo hiikuudhaaf kakadha" kan jedhu ta'uu qaba. Hiiktuun afaanii nan kakadha jechuu amantiin isaa kan hin hayyamneef yoo ta'e bakka nan kakadha jedhu "nan mirkaneessa" jechuu danda'a. Macaafa qulqulluu yookaan Quraana qabatee akka kakatu dirqisiisuun sirii miti.

2.12. Jechi ragummaa kennamu qabiyyee fi ulaagaa keewwata 269 jalatti tumame guutee galmaa'uu qaba.

### **3. Aangoo mana murtichaa**

3.1. Ragoota dhiyeessuun dhageessisuun adda durummaan kan abbootii dhimmaa ta'u illee falmichaaf kan fayyadu ta'ee yoo itti mul'ate ragaa namaa (naqaashii) falmitootni dhiyeessan irraa kan hafe ragaa namaa dabalataa waamee dhaga'uu danda'a.(264). Ta'us manni murtii ragaa dabalataa dhaga'uu kan qabu haqa kennuudhaaf dirqama barbaachisaa yoo ta'ee fi haalawwan murtaa'oo ta'an qofa irratti akkasumas gartummaa irraa walaba ta'uu haala hin tuqneen ta'uu qaba.

3.2. Murtii haqa qabeessa ta'e kennuudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame falmichi sadarkaa kam irratti iyyuu kan argamu yoo ta'e manni murtichaa ragoota namaa duraan ragaa bahanii turan irra deebi'ee waamsisee gaaffii malu jedhe kam iyyuu gaafachuu danda'a. (keewwata 266).

3.3. Haalli keewwata 265 jalatti ilaalam yoo mudate manni murtii jecha ragummaa naqaashichaa hatattamaan dhaga'uu danda'a.

3.4. Falmichi sadarkaa kam irratti iyyuu kan argamu yoo ta'e manni murtii bakka qabeenya falmiin irratti ka'e yookaan wanta kam iyyuu deemee ilaaluudhaan qorachuu danda'a.(keew.272)

#### **4. Jecha ragummaa kennuudhaaf hayyamamaa ta'uu dhabuu fi jecha ragaa sobaa**

4.1. Gareen dhaddacha mana murtiitti dhiyaateee falmu yookaan namni kam iyyuu jecha ragummaa isaa akka kennuuf yookaan ragaa barruu harka isaatti yookaan aangoo isaa jalatti argamu akka dhiyeessu manni murtii yoo ajatu sababa gahaa hin taaneen sababa deeggarsa seeraa hin qabneen ajajicha raawwachuudhaaf hayyamamaa kan hin taane yoo ta'e manni murtii battaluma itti murteessa yookaan dhimmicha murteessuudhaaf ajaja malu bira kenna.

4.2. Haaluma kanaan manni murtichaa akka keewwata 480 irratti caqafametti tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu danda'a.

4.3. Dabalataanis nama dide akka seera yakkaa keewwata 442 tti battaluma adabuu danda'a.(kew.481). Ta'us adabbii kana murteessuun duratti ragichi jecha isaa kennuuf sababa hin barbaanne (fakkeenyaaaf gaafficha yoon deebise himanna yakkaa na irratti hordofsiisa jedhee sodaachuudhaan yoo ta'e) qulqulleeffachuu fi ragichi jecha isaa kennun barbaachisaa ta'uu jecha ragummaa isaa kennunis dirqama isaa ta'uu, diiddaadhaan yoo itti fufe garuu adabbiin yakkaa kan itti murtaa'u akka danda'u hubachiisuu fi gorsa barbaachisaa ta'e hunda kennuuf qaba. Manni murtichaa haala barbaachisaa ta'een erga qulqulleessee fi gorsa barbaachisaa ta'e erga kennee booda ragichi diddaadhuma isaatiin kan itti fufe yoo ta'ee fi filannoo kan bira kan hin qabne ta'ee yoo itti mul'ate adabbii yakkaa murteessuu danda'a.

4.4. Ragichi yaada isaa jijiiruun jecha ragummaa kennuudhaaf fedha isaa yoo ibsee fi jecha isas yoo kenne manni murtii adabbii itti murteesse salphisuufiif yookaan adabbii isaa guutummaan guutuutti kaaseefii akeekkachiisa qofaan bira darbuu danda'a.

4.5. Ragichi jecha ragummaa sobaa ifa ta'e yoo kenne jecha isaa akka sirreessuuf manni murtii yaalii malu erga godhee fi gorsa barbaachisaa ta'e yoo kenneef akksumas sobaan ragaa bahuun battaluma yakkaan kan adabsiisu erga hubachiisee booda ragichi diddaadhaan kan itti fufe yoo ta'e akka seera yakkaa keewwata 447 tti ragicha battaluma adabuu danda'a. (keewwata 481).

4.6. Olitti lakkofsa 4.5 jalatti akka ibsametti ragaan adabbiin irratti murtaa'e fedha mataa isaatiin jecha isaa battaluma yoo kaase yookaan battaluma yoo sirreeffate manni murtichaa

adabbii isaa salphisuuf yookaan adabbii isaa guutummaan guutuutti hambisuudhaan akekkachiisa qofaan bira darbuu danda'a. (seera yakkaa keewwata 448).

4.7. Jecha ragaa sobaa kan kenne garee falmu yoo ta'e akka seera yakkaa keewwata 446 tti battaluma adabbii itti murteessuu danda'a. Yeroo kanatti haalawwan olitti lakkofsa 4.5 fi 4.6 jalatti kan kaa'aman eeggannoowwan haala wal faakkatuun raawwatamuu qabu.

### **Qajeelcha Dhaddacha Dhimma Hariiroo Hawaasaa irraa**

#### **Shaakala gochaa**

Dhimmoota miiltoo 1-3 jiran bu'uureffachuun shaakala falmii taasisaa. Haasawa seesaa, jecha ragootaa fi wantoota barbaachisoo ta'anii mul'atan tokko tokko leenjitoonti ofii isaanii akka uuman gorfamu.

### **3.2. Maloota beellamni falmii itti kennaman**

Falmii dhaga'uudhaaf beellamni kennamu beellama yeroo kaan kennamu irraa addatti ilaalamuu kan qabu dha. Akkuma armaan olitti ilaaluuf yaalle dhagahi himannaa erga xumuramee boodaa ijoon qabamee falmiin dhaga'ama. Deemsi dhagaha falmii kan walitti qabamee fi al tokko jalqabamee osoo addaan hin cicciitiin dhagahee xumuramuu kan qabu ta'uu seerri deemsa falmii ifatti kaa'eera. Kana waan ta'eef beellamni falmii afanii dhaga'uudhaaf kennamu kaayyoo kana kan galma ga'u ta'uu qaba.

Malli kenniinsa beellamaa saayinsii osoo hin taane ogumma dha jechuun danda'ama. Abbootiin murtii beellama ennaa qabatanitti haalawwan hedduu fi tilmaamuu hin dandeenye ilaalcha keessa galchuudhaan murtii irra kan ga'an waan ta'eef guyyaa falmiin tokko taasifama jedhamettis osoo hin dhaga'amiin hafuu waan danda'uuf haalli itti qabeenyi mana murtii qisaasamu hedduu dha. Fakkeenyaaf Abbaan murtii guyyaa tokkotti himanna hagam dhaga'uuf, murtii dubbisuuf falmii dhaga'uudhaaf, hojiwwan biroo raawwachuuf beellamuu akka qabu haala dhaddachaa fi mana murtichaa tilmaamaa keessa galchuudhaan murteessuu qaba.

### **3.3. Dhimma garee falmitootaa dhimma ofii qabatanii falmanii hoogganuu**

Gareen falmitootaa dhimma mataa isaanii qabatanii gara mana murtii dhufuudhaan falmatan falmii hariiroo hawaasaa keessatti kanneen ofii isaanii falmatani dha. Falmitootni kun

- Iyyanna isaanii ofii barreessanii mana murtiitti dhiyeessuu danda'u.
- Iyyanna ogeessa beekuun barreessisuudhaan deemsa falmii garuu mataa isaaniitiin falmachuuf danda'u.
- Yookaan deemsa falmii irratti sadarkaa ta'e irratti bakka ogeessi seeraa hin hin jirretti ofii isaanii falmachuuf danda'u.

Manneetii murtii Itoophiyaa keessatti namoota hagantu ofii isaanii bakka bu'uun falmatu kan jedhu irratti qorannoon jiraachuu dhaa baatu illee dhimmootni biyyattii keessatti dhiyaatan irra jireessaan garee falmu mataa isaatiin dhiyaatu. Abbootiin dhimmaa beekumsii fi dandeettiin seeraa isaanii muraasa ta'e mana murtii yeroo dhufanitti mana murtichaatti qormaata guddaa fidu.

Sababootni gareen falmitootaa ogeessaan hin deeggaramneef baay'ee ta'an illee muraasni isaanii

- Hojiin abukaatummaa babal'achuu dhabuu
- Qarshiin abukaatoof kaffalamu humna garee falmatuun olitti ta'uu
- Dhaabattootni deeggarsa seeraa kennan jiraachuu dhabuu
- Deeggarsa seeraa argachuuf qophaa'aa ta'uu dhabuu
- Deeggarsa ogeessaa argachuun barbaachisaa ta'uu beekuu dhabuu
- kkf

Abbootiin dhimmaa dhimma mataa isaanii qabatanii ennaa dhufanitti qormaata abbootii murtii mudatu;

- Deemsi falmii Hariiroo Hawaasaa Falmii bitaa mirgi dhiyeessaniin (adversarial) yoo ta'u Gareen falmitootaa falmii isaanii ofii waan hin dhiyeessineef gochi manni murtii kakka'umsa mataa isaatiin raawwatu seerichaan walitti bu'uu;
- Sirnaan falmuu dhabuu (Haasawa seesaa, Gaaffii duraa, Gaaffii Qaxxaamuraa , KKF)
- Gaaffilee manni murtichaa dhiyeessuuf deebiwwan rogummaa qaban kennuu dhabuu
- Wantoota teekinikaa ta'an raawwachuu dhabuudhaan dhimmootni mana murtii keessatti yeroo dheeraaf turuu
- Falmiin wal madaalawaa ta'uu dhabuu (keessattuu gareen falmu inni tokko abukaatoodhaan kan deeggaramu yoo ta'e)

Sababoota armaan olitti tarreffamaniin abbootiin dhimmaa ogeessaan hin deeggaramne yeroo dhiyaatan manneetiin murtii dhimmoota akkasii irratti xiyyeffannoo addaa gochuu qabu. Amalli garee falmitootaa adda adda ta'u illee firiin dubbii dhimmootaa fi seerichi waliin ilaalamee bu'aan wal fakkaataa ta'e dhufuu qaba. Himni kun of keessatti yaadrimee ol aantummaa seeraa kan qabate dha.

Gareen ofii isaatiin falmu yommuu mudatu qajeeltoowwaan armaan gadii hojii irra oolchuun barbaachisaa dha.

- Gareen ofii isaatiin dhiyaate ogeessa seeraa ta'uu fi ta'uu dhabuu mirkaneeffachuu, ogeessa seeraadhaan falmachuu akka danda'u beeksisu.
- Qophii gochuu. Abbaan murtichaa ga'ee ol aanaa waan qabuuf seera dhimmicha ilaallatu bal'inaan qo'achuudhaan qophii olaanaa gochuu qaba.

- Deemsa falmii ilaachisee ibsa gochuu. Fakkeenyaaaf “Dhimma kana irratti garee lameen iyyuu dhaga’uu akka qabu, dura himataa itti aansee himatamaan dhaga’amu, deemsi dhaddachatti taasifamu guutummaatti akka galmaa’u, gareen falmu inni biraa ragaa isaa yeroo dhageessifatutti ragaa adda kutuu akka hin qabne kan kana fakkaatan.”
- Qajeeltoowwan seeraa bu’uraa ta’an irratti ibsa gabaabaa kennuu. Fakkeenyaaaf dirqamni mirkaneessuu kan eenuu akka ta’e kan kana fakkaatan.
- Akka waliigalaatti ragaalee akkamiitu dhiyaachuu akka danda’an ibsa kennuu.
- Deemsichas akka namni ogeessa seeraa hin taane tokko hubachuu danda’uun gaggeessuu.
- Odeeffannoo barbaachisaa ta’e argachuudhaaf gaaffilee gaafachuu

### **3.4. Deemsa Dhimmootni wal xaxoo ta’an itti dhaga’aman**

Akkuma kutaa tokko keessatti ilaaluuf yaalle dhimmootni mana murtiidhaaf dhiyaatan amala tokko ta’e hin qaban. Dhimmootni baay’een salphaa yoo ta’an dhimmootni muraasni garuu wal xaxoo ta’anii arganna. Keesumattuu babal’achuu sochii dinagdee waliin wal qabatee tajaajilootni Ijaarsaa, Industirii fi kanneen biroo hedduumminaan babal’achuun falmiilee wal xaxoo ta’an uumaa jira.

Dhimmoota wal xaxoo kanneen salphaa ta’an irraa adda baafachuudhaaf kanneen armaan gadii akka madaalliiitti gargaaramuu dandeenya.

1. Gosa dhimmichaa (fakkeenyaaaf muuxannoo manneetiin murtiidhaan falmiilee ijaarsaa, falmiilee beekumsa teekinikaa ta’an barbaadan, falmiilee faalama naannoo, tajaajila yaalaa waliin wal qabatee falmiilee itti gaafatamummaa waliigalteen alaa, falmiilee beenyaa miidhaa hangi isaanii ol aanaa ta’an kanneen kana fakkaatan)
2. Baay’ina wal falmitootaa (dhimma tokkicha irratti himatamtootni shanii ol ta’an yoo jiraatan waraqaa waamichaa geessisu, qophii, deemsa dhagaha falmii irratti haalotni walxaxoo ta’an ni uumamu.)
3. Baay’ina ragaa (sanadoota kumaatamaan laakka’aman , ragaawwan dhibbaan lakkaa’aman)
4. Dhimmoota gaaffilee seeraa wal xaxoo ta’an kaasan (fakkeenyaaaf hiikkoo heera mmootummaa kaasan irratt gara qaama aangoo qabutti erguu gaafachuu danda’.)

- Dhimmoota wal xaxoo ta'an hogganuuf tarkaanfiiwan fudhatamuu qaban
- Dhimmoota falmisiisoo dursanii adda baasuu fakkeenyaaf gosaan
- Qophii ol aanaa Abbootiin murtii dursanii dhimmicha keessa seenuun qophii gochuu qabu
- Dursanii itti yaaduu-keessattu qabeenya mana murtichaa (yeroo Abbaa murtii,Itti fayyadama dhaddachaa,kenniinsa beellamaa kan kana fakkaatan) haala dhimmicha furuu danda'uun qindeessuu barbaachisa.
- Rakkoowwanii fi qormaata mudachuu danda'an dursanii tilmaamuu fi malootaa fi karaa sirreffamaa qopheessuu.
- Garee falmitootaa qajelchuu.

## **Kutaa 4**

### **Dhimmoota ol iyyannoo hogganuu**

Kaayyoowwan kutaa kanaa

Dhuma kutaa kanaa irratti lenjitootni;

- ✓ Deemsa falmii ol iyyannoo Hariiroo hawaasaa adda baafatu.
- ✓ Falmii ol iyyannoo dhaga'uudhaaf qophiiwwan taasifamuu qaban addaan baafatu.
- ✓ Ol iyyannoo dhaga'u.

### **Adeemsa ol iyyannoo**

Deemsi falmii ol iyyannoo kutaa lamatti qoodamee ilaalamuu danda'a.

-Gara falmii bu'uuraatti galuudhaaf ol iyyanna fuudhuu

-Ol iyyannichi fudhatama yoo argate ol iyyataa fi deebii kenna waamuun falmisiisuu.

### **Ol iyyanna fudhuu**

A. Manni murtii komee ol iyyannoo fi ol iyyataa ykn abukaatoo isaa jechaan erga dhagahee booda manni murtii garagalcha murtii manni murtii sadarkaa jalqabaa kenne qorachuudhaan murtichi hanqina kan hin qabne ta'uu yoo hubate deebii kenna osoo hin waamiin ol iyyaticha cufee ol iyyataa gaggeessuu danda'a.(kew.337)

B. Akka kew.337 tti ol iyyanni kan cufamu dhimmicha keessa tokko tokkoon osoo hin galiin ol iyyannicha kufaa gochuu gabaabinaan kana ibsu qofa ta'uu qaba.

C. Manni murtii ol iyyaticha kufaa yoo hin goone (yoo fudhate) ol iyyannichi guyyaa itti dhaga'amu beellama qabee deebii kennaan akka dhiyaatuuf komee ol iyyannoo fi waraqaa waamichaa erga.

### **Hoggansa dhaddacha Hariiroo Hawaasaa irraa**

Manni murtii ol iyyanna dhaga'u komeen ol iyyannoo yoo dhiyaatuuf ol iyyannicha sadarkaa lamaanitti iyyuu dhaga'uudhaaf qophii gochuu qaba. Kana waan ta'eefis manni murtichaa falmii

mana murtii jalaatti godhame sirriitti qorachuu qaba. Qabxii komii ol iyyannoo galmee mana murtii jalaa waliin ilaaluun qophii gochuu qaba.

### **Ol iyyata dhaga'uu**

- A. Ol iyyanni yeroo dhaga'amutti ol iyyataan dursee falmii afaanii jalqaba. (kew.339(1)). Manni murtii ol iyyata dhaga'us haala addaatiin yoo hayyame malee ol iyyataan wanta haaraa komee ol iyyannoo isaa irratti tarreessee hin dhiyeessiin kaasuun falmii afaanii gochuu hin danda'u.(kew.328(2)).
- B. Ol iyyataan falmii afaanii isaa erga dhageessifateen booda manni murtii komeen isaa bu'uura kan hin qabne ta'uu yoo hubate falmii deebii kennaan dhaga'uu osoo hin barbaachisne ol iyyannicha battaluma haquu danda'a.(kew.339(2)).
- C. Ol iyyannichi battaluma yoo hin haqamne deebii kennaan deebii ittisa isaa jechaan dhageessifata. Itti aansees ol iyyataan deebii deebii isaa dhiyeeffata. (kew.339(3)).
- D. Akka bu'uuraatti deebii kennaan deebii isaa falmii afaaniin dhiyeeffachuu qaba. Ta'us manni murtii barbaachisummaa isaatti yoo amane deebii ittisa isaa barreeffamaan akka dhiyeessu ajajuu danda'a.(kew.339(3)).
- E. Deebii kennaan galmee ol iyyataan komee ol iyyannoo isaa dhiyeeffate irratti ol iyyanna qaxxaamuraa kan mataa isaa (cross appeal) dhiyeeffachuu danda'a (340).
- F. Falmiin ol iyyannoo yommuu xumuramu manni murtichaa murtii kenna.

### **Hoggansa dhaddacha Hariiroo Hawaasaa irraa**

#### **Shaakala Gochaa**

Mojulii kana waliin galmeeleen dhaddacha ijibbaataa 6 wal qabataniiru. Haalli ol iyyannii fi iyyanni dhaddacha ijibbaataa itti dhaga'amu garaagarummaa hin qabu. Kana waan ta'eefis garee 6 tti wal qoodaatii tokko tokkoo galmee irratti deemsaa falmii ol iyyannoo itti dhaga'amu shaakalaati kutaatti argisiisaa.

## **Miiltoo 1**

Waxabajji 20 bara 1999

### **Mana murtii Ol anaa Federaalaatiif**

#### **Finfinnee**

Himataan:- DR.Ahimed Abdii

Teessoon Finfinnee, kutaa magaala Qiirqos, ganda 12 lakk. Manaa 312

Himatamaa :-Warshaa Oomisha qoricha Beeyiladootaa Adi'aa

Teessoo-Finfinnee Kutaa magaala Qiirqoos ganda 14/16 lakk.manaa 1009.

#### **Himanna Qarshii liqaan kennee deebisiisuuf dhiyaate**

1. Manni murtichaa dhimma kana ilaaluuf aangoo qaba.
2. Hangi maallaqaa himanni ittiin dhiyaate qarshii 1,500,000 dha.
3. Himataan dhimmicha abukaatoodhaan falmata.
4. Himataanis ta'e himatamaan dandeettii seeraa ni qabu.
5. Firii dubpii himannichaa

5.1.Waliigaltee himataa fi himatamaan gaafa waxabajji 29 bara 1996 finfinneetti godhaniin himataan himatamaadhaaf qarshii 1,500,000 (Miiliyoon tokkoo fi kuma dhibba shan) liqeesseeraaf.

5.2. Maallaqichas himatamaan hanga Amajji 30 bara 1997 deebisuudhaaf kan waliigale ta'uu sanadni isaa ni argisiisa.

5.3. Himatamaan qarshii 1,100,000 (Miiliyoona tokkoo fi kuma dhibba tokko) yeroo adda addaatti karaa baankii kan fudhate yoo ta'u qarshii isa hafe 400,000 (kuma dhibba afur) akka komishiniitti kan shallagamu ta'ee qarshii 1,500,000 (miiliyoona tokkoo fi kuma dhibba shan) liqidhaan fudhatee yeroo waliigaltee keessatti caqafametti hin deebisne.

6. Kanaafuu,

1. Himataamaan bu'uura dirqama waliigalteen seeneen qarshii irraa barbaadamu waxabajji guyyaa 30 bara 1997 irraa jalqabee dhala 9% waliin
2. Himataan falmii kana gochuuf baasiilee baase himatamaan akka kaffalu gaafadha.

Armaan olitti kan ibsame hundi hangan beekutti dhugaa ta'uu isaa nan mirkaneessa.

Himataa

Waxabajji 20 bara 1998

## **Mana murtii Ol anaa Federaalaatiif**

### **Finfinnee**

Himataan DR.Ahimed Abdii

Teessoon Finfinnee, kutaa magaala Qiirqos, ganda 12 lakk. Manaa 312

Himatamaa Warshaa Oomisha qoricha Beeyiladootaa Adi'aa

Teessoo-Finfinnee Kutaa magaala Qiirqoos ganda 14/16 lakk.manaa 1009.

### **Akka seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa 223 tti ibsa ragaa dhiyaate.**

#### **1.Ragaa nama**

1.1. Himataa fi himatamaa gidduutti waliigalteen waliigalteen liqii kan godhame ta'uu kan ragan

1.1.1. Obbo Hagos G/Hiywoot Teessoo Finfinnee Kutaa magaala Qiirqos ganda 15 lakk.  
Manaa 456

1.1.2. Obbo Indaalee Mesfin teessoo Finfinnee Kutaa magaala Qiirqos ganda 15 lakk.  
Manaa 456

1.2. Himataan himatamaadhaaf akeekkachiisa barreeffamaa yeroo kennu/yeroo kennuuf yaalu  
ragoota turan

1.2.1. Aadde Almaaz Almaaw Teessoo Finfinnee Kutaa magaala Boolee ganda 9 lakk.  
Manaa 232

1.2.2.Obbo Gassasaa Haayiluu Teessoo: Finfinnee Kutaa magaala Boolee ganda 9 lakk.  
Manaa 232

2. Ragaa barreeffamaa

2.1. Waliigaltee liqii himataa fi himatamaa gidduutti gaafa waxabajji 29 bara 1996 footoo koppii isaa isaa fuula lama (orijinaalli isaa na harka jira)

2.2. Nagaheewwan baankii qarshiin liqaa himatamaadhaaf ittiin kennaman garagalcha isaa fuula 10 (originaalli isaa na harka jira.)

2.3. Caamsaa 7 bara 1998 barreeffama akeekkachiisaa himatamaadhaaf kennamuuf yaalame footoo koppii isaa fuula 1(orijinaalli isaa himatamaa harka jira.)

Firiin dubbii falmichaa yoo hin jijiiramne malee kan armaan olitti ibsame malee ragaa biraan kan hin qabne ta'uu nan mirkaneessa.

Himataa

Adoolessa 20 bara 1999

## **Mana Murtii Ol aanaa Federaalaatiif**

### **Finfinnee**

Himataa DR.Ahmed Abdii

Teessoo:- Finfinnee kutaa magaala qirqos ganda 12 lakk. Manaa 312

Himatamaa Warshaa Qoricha beelladoota Ada'aa

Teessoo:- Magaala Finfinnee kutaa magaala Qiirqos ganda 14/16/lakk. Manaa 1009

### **Himataan himanna gaafa waxabajji 30 bara 1998 dhiyeesseef deebii dhiyaate.**

Himataan himanna gaafa waxabajji 30 bara 1998 barreeffamee dhiyeesseef himatamaan deebii itti aanu kenna.

1. Mormii sadarkaa duraa

1.1. Dhimmi kun kanaan dura jaarsummaan ilaalamee kan murtaa'e waan ta'eef himataan dhimma kana irratti himanna dhiyeessuuf waan hin dandeenyef akka SDFS kew.244(2)(F) tti himanni dhiyaate kufaa ta'uu qaba.

1.2. Maallaqni deebi'uu qaba ture jedhamee himanna irratti ibsame Amaggi 30 bara 1997 yommuu ta'u himanni kan dhiyaate waxabajji gaafa 20 bara 1999 waggaan lama erga darbee ti. Akka SHH kew. 2024(F) tti qarshiin liqiin kenname yeroo waggaan lamaa keessatti akka deebi'u yoo hin gaafatamne yookaan daangaan yeroo waggaan lamaa kun erga darbee gaafatamuu akka hin dandeenye kan tumu waan ta'eef himanni dhiyaate seera deemsaa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 244(2) E daanga'a.

1.3. Himataan qarshii liqeessuu isaa ragaa namaatiin mirkanaa'e kan na irratti dhiyeesse waan hin taaneef himanni dhiyaate fudhatama hin qabu.

1.4. Himanni himataan dhiyeesse sababoota olitti ibsamaniin fudhatama kan qabu waan hin taaneef manni murtii kuni mormiiwwan dhiyaatan fudhachuun akka s/d/f/s kew. 245 akka nu gaggeessu gaafanna.

Manni murtii kun mormiiwwan dhiyaatan kan hin fudhanne yoo ta'e deebii guutuu itti aanu kennina.

## 2. Deebii

2.1. Warshaan himatamaa yeroo dhaabatutti himataan Investera dha qarshii nan qaba dhaabbata himatamaa waliin nan hojjedha jechuudhaan hariiroo qabu ture. Ta'us himataan waadaa galan eeguu dhiisani dhaabbata himatamaa karaa qaxxaamuraa ta'een to'achuuf kan yaalan yoo ta'u kana waliin wal qabatee manneetiin murtii garaagaraa keessatti galmeewwan qabna. Amma himanni himataan dhiyeessan kana waliin kan wal qabate waan ta'eef manni murtii kana hubatee himannicha kufaa akka nuuf taasisu gaafanna.

2.2. Waliigalteen barreffamaan godhame tokko akka seerri hariroo hawaasaa ajajutti naqaashiidhaan kan hin mirkanoofne yoo ta'e bu'aa hin qabaatu. Waliigalteen liqaa himataan akka ragaatti dhiyeesse akka SHH kew.1727(2) tti naqaashiidhaan kan mirkanaa'e waan hin taaneef fudhatama hin qabu.

2.3. Himataan qarshii 1,100,000(miiliyoona tokkoo fi kuma dhibba tokko) himatamaadhaaf galii hin goone sanadootni ittiin galii ta'eera jedhamanis liqidhaaf kan kennaman ta'uu hin argisiisan.

2.4. Qarshii 400,000(kuma dhibba afur) akka komishiniitti naaf shallagameera kan jedhanis abbootii aksiyoonii kan mirkaneessan miti.Tajaajila osoo hin kenniin komishiniin kennamus waan hin jirreef fudhatama hin qabu.

2.5. Qarshii liqii jedhame irratti dhalli akka kaffalamu kan waliigaltee taasifame waan hin taaneef gaaffiin dhiyaate fudhatama hin qabu.

Kan armaan olitti ibsame hundi hangi ani beekutti dhugaa ta'uu isaa nan mirkaneessa.

Himatamaa

## **Mana Murtii Ol aanaa Federaalaatiif**

### **Finfinnee**

Himataa DR.Ahmed Abdii

Teessoo:- Finfinnee kutaa magaala qirqos ganda 12 lakk. manaa 312

Himatamaa Warshaa Qoricha beelladoota Ada'aa

Teessoo:- Magaala Finfinnee kutaa magaala Qiirqos ganda 14/16/lakk. Manaa 1009

### **Akka seera deemsa falmii Hariiroo Hawaasaa kew. 234 tti ibsa ragaa dhiyaate**

#### **1. Ragaa nama-**

1.1. Waliigalteen liqii himatamaa fi himatamaa gidduutti akka hin taasifamne kan mirkaneessan

    1.1.1. Oboo Abbabaa Yimenuu Teessoo Finfinnee, Kutaa magaala Qiirqos ganda 15 lakk.  
                Manaa 456.

2. Ragaa barruu

2.1. Barreeffama dhabbaatni himatamaa ittiin hundeffame fuula 12 footoo koppii isaa (Orijinaalli  
    isaa na bira jira)

2.2. Ragaa barruu kan warshaan himatamaa itti ijaarame fuula 10 footoo koppii isaa (Orijinaalli isaa  
    na harka jira).

Ijoon falmii yoo hin jijjiiramne malee ragaa yookaan mirkaneessa biraa kan hin qabne ta'uun nan  
mirkaneessa.

Himatamaa

## **Miiltoo 2**

Adoolessa 26 bara 1999

### **Mana Murtii Ol aanaa Federaalaa tiif**

#### **Finfinnee**

Himataa Warshaa Gogaa Shawaa dhaabbata dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e

Teessoo- Naannoo Oromiyaa Magaala Mojoo

Himatamaa- Obbo Sisaay Rattaa Adeghiiliny

Teessoo-Magaala Finfinnee Kutaa magaala Boolee ganda 12

#### **Maallaqa irra darbaan kaffalame deebisiisuuf himanna dhiyaate**

1. Manni murtii kuni dhimmicha fuudhee ilaaluuf aangoo ni qaba.
2. Hangi maallaqaa himanni itti dhiyaate qarshii 542,128.25 ( Kuma dhibba shanii fi kuma afurtamii lamaa fi qarshii dhibba tokkoo fi digdamii saddeetii fi san.25) dha.
3. Himataan dhimmicha irratti ragaadhaan falmata.
4. Himataanis ta'e himatamaan dandeettii seeraa ni qabu.

#### **5. Ijoon dubpii himannichaa**

Himataa fi himatamaa giddutti hariiroo daldalaa tureen himatamaan gogaa hoolaa fi re'ee himataadhaaf kan dhiyeessaa turan yoo ta'u hariiroo kana keessatti himataan gatii gogaa re'ee fi hoolaa kaffalaa tureera. Hariiroo keenya kana irraa ka'eess himatamaan gogaa re'ee 65,521 fi kan hoolaa 47,449 himataadhaaf dhiyyeessuuudhaaf himataanis gogaawan dhiyataniif akkaatuma sadarkaa isaaniitti kaffaltii raawwachuudhaaf baatii Caamsaa bara 1995 waliigalteen taasifameera. Bu'uruma kanaan gogaawan dhiyataniif 1-3 kan ramadaman yoo ta'u warri 1 ffaa fi 2 ffaa ta'an sadarkaa isaanii kan eeggatan yoo ta'u warri sadarkaa 3 ffaa irratti ramadaman sadarkaa isaanii kan eeggatan miti. Himatamaan kan dhiyeessan keessaa:-

- 48.07% kan ta'an gogaa Hoolaa sadarkaa isaanii eeggatan
- 51.93% kan ta'an gogaa Hoolaa sadarkaa isaanii hin eeggatne
- 39.32 %kan ta'an gogaa Re'ee sadarkaa isaanii eeggatan
- 60.60%kan ta'an gogaa Re'ee sadarkaa isaanii hin eeggatne yoo ta'an himataan gogaawwan hundaaf qarshii 2,265,000 (Miiliyoon lamaa fi Kuma dhibba lamaa fi kuma jaatamii shan) kaffaleeraaf.
- Akkasumas Himatamaan manuma murtii kanatti gatiin gogaa naaf hin kaffalamne jechuudhaan galmees lakk.48876 irratti himanna dhiyeessee qarshii 542,128.25(qarshii kuma dhibba shanii fi kuma afurtamii lamaa fi dhibba tokkoo fi digdamii saddeet fi santima 25) akka kaffalamuuuf murtaa'eeraaf.

Qarshii walumatti murtaa'ee fi kaffalameef qarshii 2,807,128.25(miiliyoona lamaa fi kuma dhibba saddeetiifi toorbaa fi dhibba tokkoo fi digdamii saddeet fi santima 25) keessaa 51.93% kan ta'an gogaawwan hoolaa sadarkaa isaanii hin eeggatne fi 60.60% kan ta'an gogaawwan re'ee sadarkaa isaanii hin eeggatne gatii qarshii 542,128 .25 (kuma dhibba shanii fi kuma afurtamii lamii fi dhibba tokkoo fi digdamii saddeet fi santima digdamii shan) deebisuu yookaan gogaa sadarkaa isaa eeggate dhiyessuu waan qabaniif himatamaan kana akka raawwatan akka nuuf murtaa'u akkasumas baasii fi kisaaraa keenya akka bakka nuuf buusan akka nuuf murtaa'u.

Kan armaan olitti ibsame hundi hanga beekumsa kootti dhugaa ta'uu isaa nan mirkaneessa.

Himataa

Waxabajji 26 bara 1999

## **Mana Murtii Ol aanaa Federaalaa tiif**

### **Finfinnee**

Himataa Warshaa Gogaa Shawaa dhaabbata dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e

Teessoo Naannoo Oromiyaa magaala Mojoo

Himatamaa Obbo Sisaay Rattaa Adeghiiliny

Teessoo-Magaala Finfinnee kutaa magaala Boolee ganda 12

Ibsa ragaa akka S/D/F/S kew.223 tti dhiyaate.

#### 1. Ragaa namaa

1.1.Qulqullina gogaa kan mirkaneessan yookaan qulqullina gogaa himatamaan fudhate kan mirkanessaan

1.1.1 Obbo Asras Maammoo Teessoo-Finfinnee kutaa magaala Qiirqos ganda 15 lakkoofsa manaa 456

#### 2. Ragaa barruu

2.1.Galmee mana murtii ol aanaa lakk. 48876 akka S/d/f/s kew 145 tti dhiyaatee akka naaf ilaalamu.

Ijoon falmii kan jijjiirame yoo ta'e malee ragaa yookaan mirkaneessa kan hin qabne ta'uu nan mirkaneessa.

Himataa

Onkoloolessa 7 bara 2000

## **Mana Murtii Ol aanaa Federaalaa tiif**

### **Finfinnee**

Himataa Warshaa Gogaa Shawaa dhaabbata dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e

Teessoo Naannoo oromiyaa magaala Mojoo

Himatamaa Obbo Sisaay Rattaa Adeghiiliny

Teessoo-Magaala Finfinnee kutaa magaala Boolee ganda 12

### **Himataan himanna gaafa Adoolessa 26 bara 1999 dhiyeesseef deebii dhiyaate**

Himataan himanna gaafa Adoolessa 26 bara 1999 barreeffameen dhiyeesseef himatamaan deebii  
itti aanu kenna

#### **1. Mormii sadarkaa duraa**

1.1. Himataan gatii gogaa himatamaan dhiyeesseef kaffaluu didnaan mana murtii kanatti galmee lakk. 48876 irratti himanni dhiyaatee kan murtaa'e waan ta'eef himataan dhimma kana irratti himanna dhiyeessuu waan hin dandeenyeef akka s/d/f/s keewwata 244(2) (B) tti himanni dhiyaate kufaa ta'uu qaba.

1.2. Himanna himataan dhiyeesse irratti deebii kenuuf ifa waan hin taaneef kufaaa ta'uu qaba.

1.3. Himanni himataan dhiyeesse sababoota armaan oliitiin fudhatama kan qabu waan hin taaneef Manni murtichaa mormiwwan dhiyaatan fudhachuudhaan akka s/d/f/s keewwata 245 tti akka nu gaggeessu gaafanna. Manni murtii kun mormii keenya kan hin fudhanne yoo ta'e deebii guutuu itti aanee jiru kennina.

#### **2. Deebii**

2.1. Waliigalteen gurgurtaa gogaa hoolaa fi re'ee duubee irratti hundaa'e bitaa fi mirga gidduu jiraachuu kan hin waakkatamne yoo ta'u himataan qulqullina gogaawwan kanaa ilaalee fudhateera.

- 2.2. Himataan bu'uura waliigaltee godhameen gatii gogaawwan kanaa kaffaluu ijaan dideef mana murtii kanatti galmee lakk. 48876 irratti himatamee maallaqicha akka kaffalu irratti murtaa'eera.
- 2.3. Himataan gogaawwan kana waggaan shan dura bara 1995 kan fudhate yoo ta'u yeroo sanitti hir'ina qaba jedhee kan beeksise waan hin taaneef akka SHH kew. 2291 fi 2292 tti battaluma kan beeksise waan hin taaneef akka SHH kew. 2293(1) tti inni gurgure dirqama hin qabu.
- 2.4. Himataan gogaawwan kanaaf kaffaltii duraa raawwatee hin beeku. Himataan qarshii naaf kaffalamuu qaba jedhu himatamaan hin fudhanne.
- 2.5. Himataan himanna kan dhiyeesse Qarshii hangi isaa Mana murtii kanatti galmee lakk. 48876 kan irratti mo'amme akka kaffalu murtaa'e waan ta'eef himannicha yaada badaadhaan kan dhiyaate dha.

Kan armaan olitti ibsame hundinuu hanga beekumsa kootti dhugaa ta'uu isaa nan mirkaneessa.

Himataa

Onkoloolessa 7 bara 2000

## **Mana murtii ol Aanaa Federaalaa tiif**

### **Finfinnee**

Himataa Warshaa Gogaa Shawaa dhaabbata dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e

Teessoo Naannoo oromiyaa Magaala Mojoo

Himatamaa Obbo Sisaay Rattaa Adeghiiliny

Teessoo-Magaala Finfinnee kutaa magaala Boolee ganda 12

Tarree ragaa akka S/d/f/s kew. 234 tti dhiyaate

#### **1. Ragaa namaa**

1.1. Himataan gogaawan qoratee sirnaan kan fudhate ta'uu kan mirkaneessan.

1.1.1. Obbo Haayiluu Kifilee ,Teessoon Magaala Finfinnee kutaa magaala Addis Katamaa

1.1.2. Obbo Mudasir Seman, Teessoon Magaala Finfinnee kutaa magaala Addis Katamaa

1.1.3.Obbo shaawul Ingidaa, Teessoon Magaala Finfinnee kutaa magaala Addis Katamaa

1.2. ogeessota qulqullinaa, sadarkaa fi gatii gogaa irratti ibsa kennuu danda'an

1.2.1.Tamasgeen haayiluu Teessoo:- Magaala Finfinnee kutaa magaala Qiirqos

1.2.2.Obbo Gabrasillaasee Walduu :-Teesoo Magaala Finfinnee

Ijoon himannichaa yoo jijiirame malee kan armaan olitti dhiyaate malee ragas ta'e mirkaneessa  
kan hin qabne ta'uu koo nan mirkaneessa.

Himatamaa

---

## Miiltoo 3

Caamsaa 21 bara 1999

### Mana Murtii ol aanaa Federaalaa tiif

#### Finfinnee

Himataan- Obbo Baayyuu Balaayinaa

Teessoo-Finfinnee

Himatamaa-obbo Solomoon Xilahuun

Teessoo- Biyya Amerikaa Siyaatil

#### **Himanna idaa waliinii akka hir'atuuf dhiyaate**

2. Manni murtichaa dhimma kana fuudhee ilaaluuf aangoo ni qaba.
3. Maallqni himanni itti dhiyaate qarshii 575,000( kuma dhibba shanii fi torbaatamii shan) dha.
4. Himataan dhimmicha abukaatoodhaan falmata.
5. Himataanis ta'e himatamaan dandeettii seeraa qabu.
6. Firiin dubbii himannichaa.

Himataa fi himatamaan waliigaltee daldala sharikaa gaafa fulbaana 21 bara 1985 godhaniin daldala Agiroo Industirii garaagaraa gaggeessuu fi Waldaa yeroo ammaa hundeffamaa jiru waldaa Aksiyona Tuweentii Tuweentii Develooppers irraa aksiyona waldaa bitnee fayidaa waldicha irraa argamu waliin addaan quoddachuuf idaan yoo jiraates waliin kaffaluudhaaf waliigalleerra. Himatamaan Itoophiyaatiin ala waan jiraatuu fi hojii biyya keessatti gaggeeffamu to'achuu waan hin dandeenyeef waliigaltee sharikaa gaafa fulbaana 21 bara 1985 lakkoofsa 4 fi 8 fooyyessuun barbaachisaa ta'ee argameera. Bu'uuruma kanaan himatamaan karaa bakka bu'aa isaa obbo Tasammaa Damisee jedhamuun Aksiyona waldaa Aksiyona Tuweentii Tuweentii Developers maqaa himatamaatiin akka ta'u Onkoloolessa 10 bara 1987 waliigalleerra. Haaluma

kanaanis Dambii ittiin bulmaata Waldaa Aksiyoonichaa irratti mallatteesseera. Akkasumas Aksiyoonni lakkoofsi isaa 002 ta'e naaf kennameera. Waldaa Aksiyoonichaafis Aksiyooniin himatamaa waliin kan waliinii ta'uu beeksiseera. Himatamaan waldaan Aksiyoonaa Tuweentii Tuweentii Develoopers qarshii liqaa hojii isaaf kan isa barbaachisuuf waliigaltee liqaa irratti akkan mallatteessuu fi idaa dhufuufis idaa liqichi hordofsiisu guutummaatti akka fudhatan faaksiidhaan na beeksisaniiru. Bu'uruma kanaan waldichi liqa qarshii Baankii misoomaa irraa fudhateef mallatteesseera. Waldaan Aksiyona Tuweentii Tuweentii Develoopers maallaqa liqidhaan Baankicha irraa fudhate qarshii 15,144,543.26(Miiliyoona kudha shanii fi kuma dhibba tokkoo fi afurtamii afurii fi dhibba shanii fi afurtamii sadii fi saantima digdama jaha) kaffaluu waan hin dandeenyeef mana murtii olaanaa Federaalaa gal mee lakk.21924 himatamee Eebila 23 bara 1995 irraa eegalee kan shallagamu mallatteesseera. abbootiin aksiyoonaa Waldaan Aksiyona Tuweentii Tuweentii Develoopers akka kaffallu nu irratti murtaa'eera. Bu'uura murtii mana murtichaatiin idaan himataa fi himatamaa qarshii 1,150,000.00(Miiliyoona tokkoo fi kuma dhibba tokkoo fi shantama) ta'ee idaa kanaafi manni koo kutaa Magaala Laaftoo ganda 04 lakk. Isaa 409 ta'e qabameera. Idaa kanaaf ga'een himatamaa qarshii 575,000 (kuma dhibba shanii fi torbaatamii shan) dha. Kana waan ta'eef himatamaan ga'ee isaanii ebila 23 bara 1995 irraa eegalee dhala shallagamu waliin akka kaffalan irratti naaf murtaa'u kan jedhu dha.

Mudde 24 bara 2000

## **Mana Murtii Ol aanaa Federaalaaf**

### **Finfinnee**

Himataan obbo Balaayinee Zewelde Maariyam

Teessoon Finfinnee

Himatamaan obbo Soloomoon Xilahuun Teessoo Biyya Amerikaa Siyaatil

### **Himanna himataan gaafa Caamsaa 21 bara 1999 dhiyeesseef deebii kenname.**

Himataan himanna Adoolessa gaafa 26 bara 1999 barreeffamee dhiyeesseef himatamaan deebii itti aanu kenna.

1. Waliigalteewan himataan taasise yaada garaa hammeenyaan kan godhaman waan ta'eef hanqina kan qabani dha.
2. Waliigalteen bakka bu'insaa himatamaan himataadhaaf gaafa Fulbaana bultii 18 bara 1985 kenne akkasumas waliigalteen sharikaa gaafa fulbaana 21 bara 1985 taasifame himataan maqaa himatamaadhaan Aksiyona akka bitan, Waraqaan ragaa aksiyonaa maqaa tokkoo tokkoo isaaniif akka barraa'u, mirgi isaanii wal qixa akka eeggamu, maallaqni maqaa isaaniin kaffalamu qarshii 30(kuma soddoma) akka kaffalu yoo ta'u himatamaan qarshii 30,000(kuma soddoma) battaluma kaffaleera. Ta'us himataan maqaa himatamaadhaan Aksiyona hin bitne, maqaa isaaniis hin galmeessisfne. Waraqaan ragaadhaas kana kenname maqaa himataadhaani dha. Kanaafuu waliigaltichi yaada garaa hammeenyaan kan qabu dha.
3. Obbo Tasammaa Damisee dhimma kanaaf bakka bu'insa osoo hin qabaatiin mallatteessimaniiru.
4. Himatamaan waa'ee fooyya'uu wanti beekan hin jiru. Waan ta'eef waliigaltichi yaada garaa hammeenyaan kan qophaa'e dha.

5. Himatamaan bakka koo buutee waliigaltee liqaa mallatteessituuf itti gaafatamummaa guutuu nan fudha jechuun barreessuu hin waakkatu. Ta'us maqaa himatamaadhaan qarshiin liqeeffatame hin jiru.
6. himatamaan abbaa idaa waliinii ti kan jedhamu yoo ta'e himataan murtii mana murtii qabsiisanii dhiyeessan kan argisiisu idichaaf namootni itti gaafatamtoota ta'an namoota 21 yoo ta'u itti gaafatamummaan isaanii kan waliinii waan ta'eef idaan himataa qarshii 721,168( kuma dhibba toorbaa fi digdamii tokko fi dhibba tokkoo fi jaatamii saddeet) waan ta'eef ga'een himatamaa qarshii 360,584(kuma dhibba sadii fi jaatama fi dhibba shanii saddeetamii afur) dha. kana waan ta'eef manni murtii kuni himanna na irratti dhiyaate irraa bilisa akka na gaggeessu gaafadha.

## Miiltoo 4

### Himanna

Himataan himanna gaafa Waxabajji 5 bara 1999 barreeffameen dhiyeessan gabaabinaan:- Himatamaan dhaabbata Piiter work dast jedhamu kan qabanii fi daldalaa warqii ta'uu naaf ibsuudhaan Onkoloolessa bultii 18 bara 1999 irraa eegalee Imeliidhaan waa'ee gurgurta warqii irratti qunnamtii kan goone yoo ta'u ani hanga magaala Finfinnee qaamaan dhufee akkasumas mucaan koo Injineer Mahaammad Ill Huseen Abdil Gawad gara Finfinneetti ergee qunnamtii akka godhuu fi fakkeenya akka ergu godheera. Himatamaan kaffaltii waliigaltee bittaa karaa ELC yookaan karaa kaashiidhaan ta'uu akka danda'u sharafa biyya alaas biyya alaatii qabadhee dhufuu akkan danda'u naaf ibsee dhuma irratti:-

- Caamsaa 20 bara 1999 Finfinnee kan gale yoo ta'u bulee isaa himatamaa fi itti aanaa koo ti kan jedhan obbo Mangashaa waliin kan wal argine yoo ta'u bulee isaa waliigaltee bittee gochuudhaaf sanadoota barbaachisoo ta'an akka qopheessan walta'insa irra kan geenye yoo ta'u
- Himatamaan caamsaa 23 bara 1999 Baankii Daldala Itoophiyaa na geessuudhaan warqiwwan sanduuqa kuusaa keessa jiran na argisiisaniiru.
- Caamsaa 23 bara 1999 himatamaa fi itti aanaa koo kan jedhan obbo Mangashaan dhiha keessa sa'atii 12:30 irratti bakka ani boqodhe Appaartmentii Imaad Farniishd dhufanii sanadootni kan qophaa'an ta'uu fi kan na argisiisanis kaffaltii yoon raawwadhe qofa akka ta'e naaf ibsanii ta'us turanii halkan keessa sa'atii 6:00 irratti dhufanii sanadicha kan hin qabanne ta'uu natti himanii ganama isaa akka fidan natti himan.
- Caamsaa 2 bara 1999 ganama sa'atii 1:30 na bira dhufanii sanadicha natti kennuun duratti maallaqicha lakkaa'uu akka barbaadan natti himanii hanga appartimentii Imaad Farniishd deemnee doolara Amerikaa 179,000(kuma dhibbaa fi torbaatamii sagal) fudhataniiru. Yeroo sanitti sanada lama qofa kan dhiyeessan yoo ta'u sanadoota hafan buufata xayyaaraatti sa'atii 2:30 tti akka fidan waltaanee addaan bane. Himatamaan buufata xayyaaraa osoo hin dhufiin waan hafaniif imalli ko haqameera. Ta'us

himatamaan bilbila bilbiluudhaan dogoggora isaanii ta'uu amanuun sanadoota sa'atii imalaa halkan sa'atii 4:30 akka fidan natti himani. Ta'us himatamaan osoo hin fidiin waan hafaniif buufata xayyaaraa irraa baaneerra.

- Namni Itti aanaa himatamaa ti jedhaman Caamsaa 25 bara 1999 halkan keessaa sa'atii 4:30 irratti kan na beellaman ta'us himatamaan argamuu hin dandeenye.

Kana waan ta'eef himatamaan warqii gurguramu qaba jechuudhaan seeraan ala duuromuuf doolaara Amerikaa 179,000 (kuma dhibba tokkoo fi torbaatamii sagal) yookaan yeroo himanni kun dhiyaatetti gatii sharafa isaa qarshii 1,598,470.00 (Miiliyoona tokkoo fi kuma dhibba shan fi sagaltamii saddeet fi dhibba afurii fi torbaatama) Caamsaa 24 bara 1999 irraa eegalee dhala shallagamu waliin akka kaffalan naaf murtaa'u kan jedhu dha.

Himataan himanna isaanii waliin ragaa barruu garaagaraa qabsiisanii dhiyeessaniiru.

Himatamaan deebii waxabajji 25 bara 1999 barreeffameen deebii kennaniin gabaabumatti

- Himatamaan hayyama daldala warqii exportii qabaadhu illee kubbaaniyaa piitar warqi dest jedhamu hin qabu.
- Himataatti warqii gurguruuf waliigaltee hin goone. Imeliidhaanis waliigaltee hin goone. Fakkeenyas hin argisiisne. Maallaqas hin fudhanne.
- Waliigalteen daldala Warqii himataan himanna isaanii irratti kan caqasan gochawwan seeraan alaa qajeelfama Baankiin biyyooleessa Itoophiyaa baase faallessan dha.
- Himanni dhiyaate tumaalee seeraan ala duuromuu keessatti kan kufan miti.
- Himanni himataan dhiyeessan sobaan kan dhiyaate dha kan jedhu dha.

## **Miiltoo 5**

Himataan himanna gaafa 28 bara 1999 barreeffameen dhiyeessaniin gabaabumatti

Himataa fi aadde Salmaa Dires Saalem (Taarreqeny Takiluu) dhirsaa fi niitiin wal fuunee gaa'elaan yeroo dheeraaf kan waliin jiraanne yoo ta'u duraan waliigaltee gaa'elaa waan hin qabneef biyya kuwetitti ragaa gaa'elaa akka lakkofsa 1333 ta'e Itoophiyaatti Hagayya 24 bara 1984 qophaa'e nuuf kennemeera. Akkasumas akka amantaa keenyaatti mana murtii Shari'aa irraa gaafa Hagayya 29 bara 1983 abbaa manaa fi haadha warraa ta'uun keenya mirkanaa'eera. Kuni kanumaan osoo jiruu gaa'elaan osoo jiruu Magaala finfinnee kutaa magaala Boolee ganda 04/06/07 lakkofsi manaa 459 ta'e mana jirenyaa lakkofsi isaa 459 ta'e waliin kan ijaarre yoo ta'u haati warraa koo sababa dhukkuba irra buleen addunyaa kana irraa du'aan kan addaan baate waan ta'eef manni kun seeraan ala himatamaadhaan qabamee waan jiruuf qooduufis hayyamamaa waan hin taaneef manicha akka naaf qoodu yookaan tilmaama manichaa qarshii 6,000,000 (miiliyoona jaha) waan ta'eef walakkaan isaa 3,000,000(miiliyoona sadii) akka naaf qoodu akka naaf murtaa'u kan jedhu dha.

Himataan himanna isaanii waliin ragaalee barruu garaagaraa qabsiisuun dhiyeessaniiru. Akkasumas tarree ragootaas qabsiisanii dhiyeessaniiru.

Himatamaan deebii gaafa amajji 5 bara 2000 barreeffameen deebii kan kennan yoo ta'u qabiyyeen deebichaas gabaabumatti;

- Aadde Salimaa Dires Saalem (Taarreqeny Tekiluu) haadha himatamaa deessu yoo taatu himataan haadha koo waliin gaa'ela qabna jechuun kan dhiyesse sobadha.
- Ragaaleen sanadaa himataan dhiyesse ragaa sobaati.
- Ragaa mootummaa kuweetiin kenneme dha kan jedhu sobadha. Suuraa hin qabu. Embaasi fi Ministeera biyya alaatiin kan mirkanaa'e waan hin taaneef fudhatama hin qabu.

- Itoophiyaatti bulchiinsa Magaala Finfinnee Mana murtii aanaa Na'ibaa irraa ragaan kenname jedhames soba dha.suuraa hin qabu. Ragaa kuweet irraa kenname jedhame waliin kan walitti bu'u dha.
- Himataan mana falmiif sababa ta'e kana keessa haadha koo waliin hin jiraanne.
- Isheen duute haati koo daldaltuu biyya alaatti deddeebitu waan turteef himataan wantoota tokko tokko akka isheef raawwatuuf bakka bu'insa kenniteef malee gaa'elaan waliin hin jiraanne.
- Himataan yeroo bakka bu'ee turetti amantaa itti kennname dhiisuun warqii tilmaamni isaa qarshii 150,000 (kuma dhibba tokkoo fi shantama) ta'e waan gurgurateef haati koo yakka hannaatiin himathee hiisifteetti.
- Manni himanni irratti dhiyaate mana dhuunfaa haadha kiyya malee himataan kan waliin horate miti. Manicha keessas jiraatee hin beeku.
- Tilmaamni mana qabeenya waliinii ti jedhame kanaa sirrii miti kan jedhu dha.

Himatamaan deebii isaanii waliin ragaalee sanadaaa garaagaraa qabsiisanii dhiyeessaniiru. Akkasumas tarreffama ragootaa dhiyeessaniiru.

## Miiltoo 6

### Himanna

Himataan himanna waxabajji 14 bara 2000 barreffameen himanni dhiyeesse gabaabumatti:-

Himataan Warshaa nyaataa himatamaan qaallittiitti hojjechiisuuf gamoo ijaaruuf waliigaltee gaafa onkoloolessa 7 bara 1998 mallattaa'een waliigalleerra.

Bu'uuruma kanaanis akkaataa dambiiwan waliigaltee ijaarsa projectii sivillidhaan waliigalticha raawwachiisuuf gorsaa mahaandisaa ramadameef bu'uura aangoo waaliigalteedhaan kennameefin kakkaltiwwan laccoofsa 1 fi 2 irratti kaa'aman himatamaan himataadhaaf qarshii 1,434,817.67 (miiliyoona tokkoo fi kuma dhibba afurii fi kuma soddomii afurii fi dhibba saddeetii fi kudha toorbaa fi sanjaatamii toorba) akka kaffalu himataan mirkaneesseera.sandni isaas himatamaa dhaqabeera. Ta'us himatamaan kaffalticha raawwachuuf hayyamamaa waan hin taaneef maallaqa kana dhala isaa waliin akka kaffalan nuuf haa murtaa'u kan jedhu dha.

Himataan himanna isaanii waliin ragaalee sanadaa garagaraa dhiyessaniiru.

### 2.Deebii

Himatamaan deebii gaafa Sadaasa 5 bara 2000 barreffameen deebii kenne gabaabumatti

- Himataan qarshii 1,434,817.67 ( miiliyoona tokkoo fi kuma dhibba afurii fi soddomii afur fi dhibba saddeetii fi kudha toorba) kaffalamuuuf kan danda'u waliigaltichi osoo hin citiin itti fufiinsa yoo qabaate qofa yoo ta'u waliigaltichi yoo addaan cite herregni isaa hojjetamee kan waldanda'u qabu dha.
- Himatamaan bu'uura waliigaltee ijaarsatiin duraan qarshii 493,387.39 (kuma dhibba afurii fi sagaltamii sadii fi dhibba sadii fi saddeettamii toorbaa fi saantima soddomii sagal) kan kaffale yoo ta'u herregni yoo hojjetamutti kun shallagamuu qaba.

- Raga mirkaneessaa lakkofsa 1 irratti kaffaltii caqafame keessaa qarshii 450,220.87 (kuma dhibba afurii fi shantamaa fi dhibba lamaa fi digdamaa fi santima saddeettamii toorba) kan ta'u sibiila Armaataa ijaarsaaf dhiyaate kan itti bitame kan ilaallatu yoo ta'u kontraakterichi sibiilota galii godhe keessaa fayidaa irra kan oole muraasa qofa yoo ta'u kan hafe immoo fe'atee kan fudhate waan ta'eef waraqaan ragichaa waraqaa kaffaltii ta'uu danda'u miti.
- Waraqaa raga safartuu lakkofsa 1 fi 2 irratti hojii lafa qotuu akkasumas biyyoo fe'ame jedhame ilaalchisee kan hojjetame jedhamee fi qabatamatti kan hojjetame garaagara waan ta'eef waraqawwan kun kaffaltiif kan dandeessisan miti.
- kaffaltiin caalmaa hojii keesatti qabatamatti darbee darbee kan mudatu yoo ta'u ta'uu kan qabus mahaandisni gorsu kontraakterichi rakkoo maallaqaa qabu hi'isaaf jedhee yoo itti amanee fi hojichis hojjetamuun isaa hin hafu jedhee kan itti amane yoo ta'e waan ta'eef herrega wal madaalchisuun dirqama.
- Bu'uruma kanaan hojiin waliigala hojjetame qarshii 1,208,504.42 (Miliyoona tokkoo fi kuma dhibba lamaa fi saddeetii fi dhibba shanii afurii fi saantima afurtamii lama) yoo ta'u kaffaltii duraa 493,387.39 ( kuma dhibba afurii fi sagaltamii sadii fi dhibba sadii fi saddeettamii toorbaa fi fi saantima soddomii sagal) yoo irraa hir'ifamu kan kaffalamuuf qabu qatrshii 715,117.03 ( kuma dhibba toorbaa fi kudha shanii fi dhibba tokkoo fi kudha toorbaa fi saantima duwwaa sadii) yoo ta'u dhalli isaatis shallagamuu kan qabu guyyaa himanni dhiyaate irraa jalqabee ti kan jedhu dha.

Himatamaan deebii isaa waliin ragaalee barruu garaagaraa qabsiisee kan dhiyesse yoo ta'u ragoota namaas dhiyessee dhageessifateera.

## Miilttoo 7

### Himanna

Himataan himanna gaafa Adoolessa 9 bara 1999 barreeffamee dhiyyeessanii gabaabumatti:- Duraan aanaa 17 ganda 23 lakkofsi manaa 0188 kan ta'e mana jirenyaa ta'e abbootii qabeenyaa kan ta'an Obbo Taaddasaa Yaashxilaa fi Aadde Sannaayit Xibebbee waliin yeroo sanitti araddaa keessatti waliigaltee godhameen qarshii 900,000 (kuma dhibba sagal) kan irraa bite yoo ta'u maallaqa gurtgurtaa kanas jalqaba qarshii 700,000(kuma dhibba toorba) kaffalee manicha kan fudhe yoo ta'u itti aansee qarshii 200,000 (kuma dhibba lama) warra gurguraniif karaa bakka bu'aa koo obbo Yaareed Maammoo kaffaleeraaf. Himataan manicha yeroo bitutti dhukkubsataa dhukkuba HIV kan ture yoo ta'u abbaan warraa kootis dhukkubuma kanaan du'eera. Manicha ergan bitee booda Dhukkubbiin waan natti hammaateef sireerra osoon jiruu kan na dhukkubsachiisaa jiran keessaa tokko obboleettii koo himatamte kan haadha taatu dabalataanis haadha isheef anaaf haadha buddeenaa kan taate waliin ta'uun abbaan warraa ko du'e dubartii biraa irraa mucaa dhalche dhaaltummaa isaa mirkaneessuun kan dhufe ta'uu fi ana irratti abukaatoo himanna ana irratti dhiyeesse dha jechuudhaan nama tokko fidanii argisiisuudhaan fi innis himanna kan dhiyeesse ta'uu sobaan mirkaneessuudhaan waliigalteen manichaa maqaa himatamaadhaan yoo hin taane mirgi ani manicha irraa qabu kan dhabu ta'uu fi mucaan koos haftee dhaalaa tokko malee kan hafu ta'uu ibsuudhaan na sossobuunii fi dhiibbaa na irratti gochuun isheen bakka koo buutee waliigalticha akka gootu namoota manicha natti gurguranitti himee waliigaltee isaan waliin godhe akka tarsa'u na taasisaniiru. Dhukkuba koo irraa xiqqoo fooyya'aa osoon jiruu himatantuun waliigaltee gurgurta manichaa warra gurguran waliin gochuu ishee, dhaaltuun abbaa warraa kos ana irratti himanna dhiyeesseera kan jedhames dhugaa akka hin taane himatantuun kan na sobdee fi dhiibbaa ana irratti goote ta'uu waan hubadheef waliigaltichi maqaa kootiin akka godhamu yoon gaafadhu himatantuun hayyamantuun hin taane. Akkasumas kan na jalaa dhokatte waan ta'eef maqaan abbaa qabeenyummaa manichaa

maqaa kootiin akka ta'u yookaan filannoodhaan akka malee kan itti duuromte waan ta'eef manichi gatii gabaa ammaatiin qarshii 2,000,000 (miiliyoona lama) akka naaf kaffaltu akka naaf murtaa'u kan jedhu dha.

Himattuun himanna isaanii waliin ragaa sanadaa tokko wal qabsiisanii kan dhiyyeesan yoo ta'u ragaalee namaa himanna isaanii irratti tarreessan dhageessifataniiru.

## **2.Deebii**

Himatamaan deebii gaafa Amaggi 6 bara 2000 barreeffameen deebii kennan gabaabumatti:-

- Manni himanni irratti dhiyaate maallaqa mataa kootiin kan bitadhe malee kan himattuu miti.
- Dhaaltuun abbaa Warraa kee akka hin dhufne maqaa kootiin waliigalteen taasisa jedhee gocha dogoggorsuu hin raawwanne.
- Manicha ilaachisee maqaa isheetiin akkan waliigaltee godhu walii hin galle. Bakkas na hin buusne. Ragaanis hin dhiyaanne.
- Waliigaltee gurgurtaa himattuun akka SHHH kew.2005 ajajutti ragaa namaatiin faallessuu hin dandeessu kan jedhu dha.

Himatamtuun deebii isaanii waliin ragaa sanadaa tokko qabsiisanii kan dhiyeessan yoo ta'u ragoolee namaa deebii isaanii irratti tarreessan dhiyeffachuun dhageessifataniiru.